# Kallacha Oromiyaa

Jijjiirama hundagaleessaaf Odeeffannoo sirrii!

*Bara 32* *Lakk. 46* *Fulbaana 15 bara 2018* *Gatiin qar. 20*


# "Inisheetiivota misooma beeyladaa bocamanii hojjetamaa jiran sadarkaa olaanaatti guddisuuf hojiileen eegalan cimanii itti fufu"

**Obbo Shimallis Abdiisaa-PMNO**

***Kutaa qophiitiin***

Inisheetiivota misooma beeyladaa bocamuun hojiitti hiikamaa jiraniin bu'a qabeessummaa damee kanaa sadarkaa olaanaatti guddisuuf hojiileen eegalaman cimanii itti fufu jedhan Pirezidaantiin Mootummaa Naannoo Oromiyaa Obbo Shimallis Abdiisaa.

Pirezidaanti Shimallis kana kan jedhan barreeffama fuula miidiyaa hawaasummaasaaniirratti ergaa dabarsaniin yoo ta'u, Mootummaan Jijjiiramaa Naannoo Oromiyaas haalli yaraan damee beeladaa itti argamu yoo hin jijjiiramne hojilee gurguddoo qotiisarratti raawwatamu qofaan ce'umsa hawaas-dinagdee baadiyyaa dhugoomsuun akka hin yaalamne adda baaseera jedhan.



Damee kanarratti qabatamaan irratti hojjechuun damicha dhidhima lixe keessaa baasuu qofa osoo hintaane galmoota seektara qonnaa milkeessuu keessatti ga'ee olaanaa akka gumaachu gochuun ni danda'ama amantaa jedhuun hojitti galee jiraachuus himan.

Misoomni Beeyladaa Oromiyaa ija fooyya'insa sanyiifi ce'uumsa hawaas-dinagdeetiin ce'umsa caasawaa seektara qonnaa dhugoomsuu keessatti, inisheetivonni damee misooma beeyladaarratti bocamanii hojiitti hiikamaa jiran murteessoo ta'uus himaniiru.

Naannichi lakkoofsa qabeenya beeyladaan adda duree haata'u malee, oomishaafi oomishtummaa akkasumas gama bu'a qabeessummaasaatiin daran gadi aanaadhan jedhan Pirezidaanti Shimallis. Rakkoo kana furuuf yeroo garaagaraatti yaaliin *Gara fuula 14tti*

## Sagantaa Ashaaraa Magariisaan hojiin waggoottan darban biqiltuu nyaataaf oolanirratti fuulleeffachuun hojjatamaa ture bu'aa qabatamaa fidaa jira jedhame

W/K/Godinaaleetiin

Naannoo Oromiyaatti sagantaa Ashaaraa Magariisaatiin hojiin waggoottan darban biqiltuu nyaataaf oolanirratti fuulleeffachuun hojjatamaa ture bu'aa qabatamaa argamsiisaa jiraachuun himame.

Naannichatti qaama sagantaa Ashaaraa Magariisaa kan ta'e misooma Avookaadoorratti xiyyeeffannoon hojii hojjatamaa tureen Avookaadoo sanyii filatamaa oomishuun gabaa biyya keessarra darbuun gabaa biyya alaatiif dhiyaachaa jira.

Qonnaan bultoonni naannichaa oomisha Avookaadoorratti hirmaataa



jiranis Avookaadoo sanyii filatamaa oomishuun gabaa biyyaa alaatiif dhiyeessaa jiranirraa fayyadamoo ta'aa jiraachuu himaniiru. *Gara fuula 14tti*

# Aanaa Botor Xoollaayitti pirojeektiin jallisii Finnaa qar. Miliyoona 406'n ijaarame eebbifame

***W/K/Godinichaatiin***

Godina Jimmaa Aanaa Botor Xoollaayitti piroojektiin Jallisii Finnaa qarshii miiliyoona 406'n hojjetame tibbana eebbifamuun tajaajilaaf banaa ta'eera.

Pirojeektiin kun bajata Mootummaa Naannoo Oromiyaa qarshii miiliyoona 406'n Aanaa Botor Xoollaay Ganda Kamisoo Gollaatti kan hojjetame yoota'u, lafa hektaara 400 kan misoomsu ta'uufi kanaanis qonnaan bultoota 800 ol fayyadamoo kan ta'aniidha jedhameera.



Sagantaa eebbaa Pirojeektichaarratti Paartii Badhaadhinaa Damee Oromiyaatti Ittigaafatamaan Damee Siyaasaa Obbo Namarraa Bulii dabalatee hoggantoonni *Gara fuula 14tti*

# Ejensichi qabeenyawwan mootummaa tajaajilaan ala ta'an dhabamsiisuun bu'aa dinagdummaa guddisuufi faalama naannoo xiqqeessuuf hojjechuu beeksise

***Galaanaa Kumarraatiin***

Ejensiin Bittaafi Dhabamsiisa Qabeenya Mootummaa Naannoo Oromiyaa qabeenyawwan mootummaa garaagaraa tajaajilaan ala ta'an walitti qabee gurgurtaa caalbaasii ifaan dhabamsiisuun bu'aa dinagdummaa guddisuufi faalama naannoo xiqqeessuuf hojjechaa jiraachuu beeksise.

Daarektarri Daarektoreetii Gurgurtaa Qabeenya Mootummaa Tajaajilaan Alaa Ejensichaa Obbo Saamsoon Waaqwayyaa Ejensichi qajeelfama bulchiinsa qabeenya mootummaa irra deebiin fooyyessuuf bahe Lakk.24/2013 bu'uura godhachuun naannichatti qabeenyawwan dhaabbii gatiin tokkoonsaanii 5000fi isaa ol ta'eefi altakkaa ammoo walitti qabamanii qarshii kuma 250 ol yoo ta'an meeshaaleen kamiyyuu gara ejensichaatti dhufanii caalbaasii gurgurtaa ifaadhaan akka



dhabamsiifaman ni taasisa jedhan.

Kana malees, meeshaaleen elektirooniksii kanneen akka *Gara fuula 14tti*

**Hiyyummaafi boodatti hafummaa maqsuudhaan badhaadhina dhuunfaafi maatii haa mirkaneessinu!**

# Beeksisa

## Arsii

Aadde Moominaa Alii fa'aa waraqaan ragaa qabiyyee lafaa kaartaa lakk.isaa B0070, Lakk. Galmee 1994, ballina $M^2$ 495.6, Sadarkaa iddoo $2^{ffaa}$ dheerina Gamoo G+0 tajaajila mana jireenyaa,Ganda Bulchaamaa ta'e,najalaa badeera jedhanii iyyataniiru.kanaafuu kan arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu,Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Shaashamannee

---

Obbo Jarman Damee Kaartaa mana daldaalaa ragaa Abbaa qabeenyummaa (saayitii) Lakk.Kaartaa isaa 93/2008 ta'e Magaalaa Boqqojjii ganda O/Tokkummaa keessatti Maqaa isaaniitiin galmaa'ee kennameef waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu'ee naaf haa kennamau jedhanaii iyyataniiru.Kanaafuu, namni ragaa kana arge ykn sababa adda addaatiin qabdheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo dhiyeessuu baate kaartaa kan biraa bakka buufnee kan kenninuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Boqqojjii.

---

Obbo Mulugeetaa Abbabaa Magaalaa Asallaa Ganda 08 keessatti iddoo mana jireenyaa qaban waraqaan ragaa abbaa qabeenyummaa kaartaa lakk.isaa 2231/349/92 kan ta'een galmaa'ee naaf kenname najalaa badeera jedhanii iyyataniiru.Kanaafuu kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 30keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate waraqaan ragaa abbaa qabiyyee kan biraa bakka bu'ee kan kennamuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Asallaa

---

Aadde Siifaree Amaan Amaan Magaalaa Asallaa Ganda 08 keessatti iddoo mana jireenyaa qaban waraqaan ragaa abbaa qabeenyummaa kaartaa lakk. isaa 12859/100/97 kan ta'e maqaa isaaniitiin galmaa'ee kennameef na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 30keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate waraqaan ragaa abbaa qabiyyee kan biraa bakka buufnee kan kennamuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Asallaa

## Baale

Aadde Makiyyaa Huseen Magaalaa Gindhiir Ganda Odaa keessatti Saayit Pilaanii Lakk,isaa 040001 kan ta'e, maqaa isaaniitiin galmaa'ee kennameef na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru.kanaafuu namni ragaa kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate kan biraa bakka buufnee kan kenninuuf ta'uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Gindhiir

---

Iyyattuun Aadde Sa'aadaa Abdusalaam mana jireenyaa Magaalaa Maliyyuu Burqaa Ganda 01 keessatti bali'ina $M^2$ 200 irratti maqaa isaaniitiin galmaa'ee argamu Obbo Mogos Shuumiyyeetti waan gurgurataniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee bultii 20keessatti haa dhiyaatu.yoo dhiyaachuu baate jijjiirraa maqaa kana kan raawwannuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Maliyyuu Burqaa

---

Iyyattuun Aadde Rahmaa H/Ahimad mana jireenyaa Magaalaa Maliyyuu Burqaa Ganda 01 keessatti bali'ina $M^2$ 250 irratti maqaa isaaniitiin galmaa'ee argamu karaa bakka bu'aa isaanii Obbo Araarsaa Urgeessaatiin Aadde Sifan Aschaalootti waan gurgurataniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee bultii 20keessatti haa dhiyaatu.yoo dhiyaachuu baate jijjiirraa maqaa kana kan raawwannuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Maliyyuu Burqaa

Iyyataan Obbo Umar Bayyanaa mana jireenyaa Magaalaa Maliyyuu Burqaa Ganda 01 keessatti bali'ina $M^2$ 250 irratti maqaa isaaniitiin galmaa'ee argamu Obbo Geetaawu Mulaatuutti waan gurgurataniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee bultii 20keessatti haa dhiyaatu.yoo dhiyaachuu baate jijjiirraa maqaa kana kan raawwannuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Maliyyuu Burqaa

---

Iyyataan Obbo Balaw Asaffaa mana jireenyaa Magaalaa Maliyyuu Burqaa Ganda 01 keessatti bali'ina $M^2$ 200 irratti maqaa isaaniitiin galmaa'ee argamu obbo Dannaqawu Wandimmaaganyitti waan gurgurataniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee bultii 20keessatti haa dhiyaatu. yoo dhiyaachuu baate jijjiirraa maqaa kana kan raawwannuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Maliyyuu Burqaa

---

Iyyattuun Aadde Zahaabaa Hasan mana jireenyaa Magaalaa Maliyyuu Burqaa Ganda 01 keessatti bali'ina $M^2$ 200 irratti maqaa isaaniitiin galmaa'ee argamu karaa bakka bu'aa isaanii Obbo Tamasgeen Damisuutiin Obbo Dassaalawu Mootiitti waan gurgurataniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee bultii 20keessatti haa dhiyaatu.yoo dhiyaachuu baate jijjiirraa maqaa kana kan raawwannuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Maliyyuu Burqaa

---

Iyyattuun Aadde Warqituu Fayyee mana jireenyaa Magaalaa Maliyyuu Burqaa Ganda 01 keessatti bali'ina $M^2$ 200 irratti maqaa isaaniitiin galmaa'ee argamu Obbo Dabbabaa Maammootti waan gurgurataniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee bultii 20keessatti haa dhiyaatu.yoo dhiyaachuu baate jijjiirraa maqaa kana kan raawwannuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Maliyyuu Burqaa

---

Iyyattuun Aadde Gannoo Boruu mana jireenyaa Magaalaa Maliyyuu Burqaa Ganda 01 keessatti bali'ina $M^2$ 160 irratti maqaa isaaniitiin galmaa'ee argamu Aadde Kadijjaa Warquutti waan gurgurataniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee bultii 20keessatti haa dhiyaatu.yoo dhiyaachuu baate jijjiirraa maqaa kana kan raawwannuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Maliyyuu Burqaa

## Boorana

Obbo Galchuu Boruu fi Aadde Mihirat Qaallichaa B/B Aadde Yeneenesh Aggonaafir qabeenyummaa isaanii kan ta'e,mana jireenyaa Magaalaa Nageellee Booranaa Ganda Daanisaa Oliyyee keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee ballina $M^2$ 200 irratti argamu Lakk. Saayit Pilaanii 1986/ BMN/01/01/01 kan ta'e Obbo Aschaalawu Bazzaabihitiif waan kenneeraaf waan jedhaniif, kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate gurgurtaan kan mirkanaa'uf ta'uu beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Booranaa

---

Obbo Shawaangizawu H/Mikaa'eelifi Aadde Wasanyellash Abbabaa B/B Abdii Kulee qabeenyummaa isaanii kan ta'e,mana jireenyaa Magaalaa Nageellee Booranaa Ganda Goobichaa keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee ballina $M^2$ 225.75 irratti argamu Lakk. kaartaa isaa 1743/ BMN/01/01/01 kan ta'e Obbo Waariyyoo Dhibaayyuutti gurguranneerra waan jedhaniif, kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhiyaachuu baate gurgurtaan kan mirkanaa'uf ta'uu beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Booranaa

---

Obbo Wandimmuu Jaalataa fi Aadde Ahaadoo Odaa qabeenyummaa isaanii kan ta`e mana jireenyaa Lakk.Sayit Pilaanii isaa 8299/B/M/N/B/01/01/01 lafa kaareemeetira 278irratti argamu maqaa Obbo Wandimmuu Jaalataa fi Aadde Ahaadoo Odaatiin beekamu ganda Daanisaa Oliyyee Lakk.mana ---- ta'e Obbo Doyyoo Shumee Cirriitiif gurguree jira waan jedhaniif, kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti haa dhiyaatu,yoo hin dhiyaanne gurgurtaan kun kan mirkanaa'uf ta'uu ni beeksifna.W/L fi E/Naannoo Bul/ Mag/Nageellee Booranaa.

Aadde Munaa Kabbadaa Huseen qabeenyummaa isaanii kan ta`e mana jireenyaa Lakk.Sayit Pilaanii isaa 11334/B/M/N/B/2319 lafa kaareemeetira 200 irratti argamu maqaa isaaniitiin beekamu ganda Buururii Lakk. mana ---- ta'e Obbo Abdulaahi Abdulkarmiitiif gurguree jira waan jedhaniif, kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti haa dhiyaatu,yoo hin dhiyaanne gurgurtaan kun kan mirkanaa'uf ta'uu ni beeksifna.W/L fi E/Naannoo Bul/ Mag/Nageellee Booranaa.

---

Obbo Kaamil Abdaa fi Rahimaa Kadiir qabeenyummaa isaanii kan ta`e mana jireenyaa Lakk.kaartaa 11334/B/M/N lafa kaareemeetira 460irratti argamu maqaa Obbo Kaamil Abdaatiin beekamu ganda Malkaa Odaa Lakk.mana ---- ta'e Obbo Shaamiil Abdaatiif kaaree metira 230 irraa kutee kennee jira waan jedhaniif, kan mormu yoo jiraate,beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti haa dhiyaatu,yoo hin dhiyaanne kennaan kun kan mirkanaa'uf ta'uu ni beeksifna.W/L fi E/Naannoo Bul/ Mag/Nageellee Booranaa.

---

Obbo Ramaadaan Mahammad Hassan B/B Amaan Abdallaa qabeenyummaa isaanii kan ta`e mana jireenyaa Magaalaa Negellee Boraana ganda Malkaa Odaa keessatti argamu Lakk.kaartaa 1042/B/M/N/01/01/01 ta'e lafaa kaareemeetira 200 irratti qubatee argamu maqaa Obbo Ramaadaan Mahammad Hassan tiin galmaa'ee beekamu Obbo Aadde Heeriyaa Mubaarak tiif kennee jira waan jedhaniif, kan mormu yoo jiraate,beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti haa dhiyaatu,yoo hin dhiyaanne kennaan kun kan mirkanaa'uf ta'uu ni beeksifna.W/L fi E/Naannoo Bul/ Mag/Nageellee Booranaa.

---

Aadde Samiiraa Sh/Xahaa fi Obbo Jundii Tusaa B/B Obbo Alii Mahammad Jiloo qabeenyummaa isaanii kan ta`e mana daldalaa Lakk.Saayit Pilaanii 1276/BMN/01/01/02 lafa kaareemeetira 5.28 ta'e maqaa Aadde Samiiraa Sh/ Xahaa fi Obbo Jundii Tusaa B/B Obbo Alii Mahammad Jilootiin beekamu ganda Buururii Lakk.mana ---- ta'e Obbo Abdulaahi Usmaan Ilmiitiif gurguree jira waan jedhaniif, kan mormu yoo jiraate,beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti haa dhiyaatu,yoo hin dhiyaanne gurgurtaan kun kan mirkanaa'uf ta'uu ni beeksifna.W/L fi E/Naannoo Bul/ Mag/Nageellee Booranaa.

---

Aadde Maqidalaawit Baayyuu, Obbo Amiir Ahimaddiinifi Aadde Hayaat Ahimaddiin qabeenyummaa isaanii kan ta`e mana daldalaa Lakk.Sayit Pilaanii isaa 8915/ BMN/B/01/01/01 lafa kaareemeetira 6.2 irratti maqaa isaaniitiin galmaa'ee M,agaalaa Nageellee Booranaa ganda Buuruurii keessatti argamu Aadde Ma'ibal Daanyeetti gurguranneerra waan jedhaniif, kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti haa dhiyaatu,yoo hin dhiyaanne gurgurtaan kun kan mirkanaa'uf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa fi E/ Naannoo Bul/ Magaalaa Nageellee Booranaa.

## Bunnoo Beddellee

Aadde Dastaa Yimaam waan du'aniif mana jireenyaa Magaalaa Beddellee ganda Dirree Misoomaa keessatti qabeenyaa hin sochoone maqaa isaaniitiin galmaa'ee lafa bali`ini isaa 742$M^2$ irratti argamu Lakk. Kaartaa isaa 573/98 kan ta'e dhaaltota sadarakkaa duraa kan ta'an 1,Yohaannis Zawudee 2,Maarqoos Zawudee 3,Aadde Tanaanyee Zawudee 4,Indaalech Yaayyeeh 5, Aadde Adaanech Zawudee 6, Miliyoon Zawudee dhaaltoota ta'uu isaanii Mana Murtiitiin waan mirkaneeffataniif jijjiirran maqaa nuuf haa raawwatu jedhanii iyyataniiru.Kanaafuu kan mormu ykn mirga qabeenyaa kanarraa kan qabu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee irraa eegalee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo hin dhiyaanne jijjiirraa maqaa kana kan raawwanuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa fi E/ Naannoo Bul/Magaalaa Beddellee.

**Wabii nyaataa mirkaneessuun humna al-ergii keenya guddisuuf xiiqiin hojjenna!**

**Kallacha Oromiyaa**

**Bara 1986 hundeeffame**
**Torbanitti al tokko guyyaa Kamisaa,**
**Biiroo Kominikeeshiinii Oromiyaatiin maxxanfama**

**Qindeessaafi Gulaalaa Muummee**
Addunyaa Hayiluu
**Itti aanaa Gulaalaa Muummee**
Masarat Amanaa

Leyi'aawutiifi Dizaayinii
Yewubnesh Kabbadaa

**Qopheessaa Beeksisaa**
Guddataa Dhaabasaa

Lakk. Saan. Pos. 8741 E-mail kellechaoromiya@gmail.com Websaayitii :- www.kallachaoromiyaa.org Face Book:kellecha Oromiya Finfinnee Oromiyaa

# Dubbii Ljoo

## Hirkoo hawaasa hirkattummaa oolchu

Haaromsi aadaa gaggeessaa jirru, aadaafi duudhaa ummata Oromoo akka kiliyaa nam-tolchee tokkootti dagatamuurraa hambisuu qofa miti. Gara yaada jiraataa dhaloonni ittin ijaaramuufi ittin jiraatutti ceesisuullee nihammata. Hojiin eenyummaa sabaa sirnoomsuu armaan dura raawwatame dhaabbilee humnoota waloo hawaasa keenya biratti fudhatama olaanaa argatan, akkasumas misooma hawaas-dinagdee naannoo keenyaa keessatti dhiibbaa eeyyentaa cimaa uuman argamsiisera.

Aadaa Buusaa Gonofaa akka fakkeenyatti yoo fudhanne, kaayyoowwan itti sirnoomsineef keessaa tokko aadaafi duudhaa walgargaarsaa uummata keenyaa deebisnee dagaagsuun, rakkoolee balaa uumamaafi namtolcheetiin hawaasa keenya mudatan humna ofiitiin furuuf qophaa'ummaa horachuudha.

Haataa'u malee, haaromsa yaadama duudhaa Buusaa Gonofaa argamsiise irratti taasifneen, gahee dhaabbatichaa gargaarsaa olitti akka deemu gochuu dandeenyerra. Fknf:

Gargaaramtummaa Hambisuu: Buusaa Gonofaa, hawaasa balaa uumamaafi namtolcheen muudate gargaarsa battalaatiin dhaqqabuu cinaatti, imaammataafi tarsiimoo fulla'insaan gargaaramtummaa jalaa baasuuf qabatee socho'uun milkaa'aa jira. Bira dhaabbii yeroo cinaatti, aadaa hojii gaarii onnachiisuu, horata ka'umsaa kennuufi ofdandeettii jajjabeessuun, lakkofsa hirkattoota gargaarsaa turan keessaa %80 ofdandeessisuu danda'eera.

Hirkattummaa Hir'isuu: Dhaabbatichumti mataan isaa, kallattii hirkattummaa gumaachafi buusii miseensota isaa irratti qabu xiqqeessuf kaa'ameen , galii mataa isaa maddisiisuu irratti argama. Qonna qofa yemmuu ilaallu, bara oomishaa 2017/18, lafa heektaara kuma 10'tti dhiyaatu irratti qamadii misoomsuu danda'eera.

Egeree sabaa har'a ijaaruu: Buusaa Gonofaa gaheewwan armaan olii kunniin qofa irratti hindaangofne. Kaayyoo egeree sabaa har'a ijaaruuf qabanne irrattis adda durummaan hirmaachaa jira. Dhaabbata waa'ilaa waliin ta'ee, barattoota miliyoonota hedduuf manneen barnootatti nyaata dhiyeessuun, galma tarsiima'aa dhaloota saayinsiifi teknolojiin dorgomaa ta'e umuuf qabanne bu'uura qabsiisuu irratti argama.

Sirnoomsi Buusaa Gonofaa, duudhaan ummata Oromoo har'as humna jiraatamu ta'uu kan mirkaneessedha. Umurii waggoota afur hinguunne keessatti, miseensota mil. 30'tti dhiyaatan horachuu danda'eera. Hanqinoonni hirmaannaa, miseensummaafi gumaacha dhaabbatichaatiin walqabatanii muldhatanis, dogoggora namoota dhuunfaa malee, maalummaa aadichaa irraa kan hinmaddine ta'uu namuu kan hubatuudha.

## Naannoo Oromiyaatti xiyyeeffannoon . . .

tokkoo sharafa alaaf baasaa kan turte hanbisuun danda'ameera.

Mootummaan Naannoo Oromiyaas pirojeektota jallisii,kanneen akka Finna hojjetee hawaasaaf qaqqabsiisuun, rakkoo goginsaarra deddeebiin hawaasa qoraa ture qolachaa jira. Pirojeektonni Finnaa bara darbe Oromiyaa keessatti tajaajilaaf banaa ta'an qabatamaan seenaa gammoojjii Oromiyaatti gama hongeetiin mudachaa ture jijjiiraa jiru.

Mootummaan Naannoo Oromiyaa balaa sababa hongeen deddeebi'ee uummata keenya rakkoof saaxilu qolachuuf hojii pirojeektii Finnaa saffisaan godinaalee Oromiyaa bakka hongeen irra deddeebiin itti mudatu kanneen akka Godina Boorna, Baalee Bahaafi Gujii keessatti hojjechuun tajaajilaaf banaa taasisuun uummatni naannoo horsiisee bulaa balaa hongeerraa akka baraaraman taasisuun hojii boonsaan hojjetamaara.

Qabeenya bishaanii gahaa Naannoon Oromiyaa qabdu teeknoolojiin karaa ammayyaa'een deggaranii sirnaan hoogganuuf ammoo warshaan ykn aksiyoonni makaanaayizeeshinii qonnaa irratti hojjetu jiraachuun murteessaadha.

Kanuma bu'uura godhachuun Waldaan Aksiyoona Jabduu Motors qooda ykn Sheerii olaanaa Mootummaa Naannoo Oromiyaafi abbootii qabeenyaa dhuunfaa biyya keessaafi alaatiin waxabajjii bara 2013 kaappitaala qarshii miiliyoona 133 damee maanufaakcheringiirratti hundaa'e 'bakka hoggantoonni Mootummaa Naannoo Oromiyaa argamanitti eebifamuun hojiitti gale.

Warshaan Waldaa Aksiyoona Jabduu Motors dhaabbilee misooma mootummaa keessaa tokko yoo ta'u,'Tumsa Development group' jalatti hundaa'e hojii eegale.

Waldaan Aksiyoona Jabduu Motors Teeknoolojii makaanaayizeeshinii qonnaa haaraa oomishuun qonnaan bulaaf raabsuun jiruufi jireenua qonnaan bulaa gama dinagdee qonnaan fooyyessuu ergamasaa taasifachuun hojii kan jalqabe tajaajilawwan kanneen akka paampiiwwan bishaanii gosa adda addaa naafxaan hojjetan oomishuun qonnaan bultootni gatii madaalawaan akka bitatanii itti fayyadaman taasisuun isaan ijoodha.

Galma gahiinsa oomisha jallisii Bonaa bara 2018 kanaaf ammoo Biiroon Misooma Jallisiifi Horsisee Bulaa Oromiyaa, Aksiyoona Jabduu Motors waliin ta'uun, paampiiwwan bishaanii kuma 26 ol karoora oomisha jallisii bara 2018 lafa hektaara kuma 200 irratti misoomsuu danda'an tibbana Magaalaa Bishooftuutti fayyadamtootaaf dabarsee kenneera.

Ministeerri Ministeera Qonnaa Obbo Addisuu Araggaa sagantaa raabsa paampii bishaanii tibbana Magaalaa Bishooftuutti fayyadamtootaaf taasifamerratti argamuun haasawaa taasisaniin, Mootummaan Naannoo Oromiyaa qonna ceesisuuf hojiin hojjechaa jiru hojii akka biyyaatti muuxannoo ta'uu danda'uufi, qonna gateetti qotiyyoorraa buusuun qotiyyoo bilisa baasuun danda'amuu himanii, Bonaafi Ganna oomishuun aadeffamuun oomishaafi oomishtummaa dabaluun jiruufi jireenya qonnaan bulaa jijjiiruuf hojiin hojjetamaa jiru abdachiisaa ta'uus dubbataniiru.

Qonna Makaanayizeeshiniin utubuun gateettiin qotiyyoos bilisa ba'uun humni qotee bulaa osoo hin qisaasa'in oomishaafi oomishtummaa dabaluun jiruufi jireenya naannichaa jijjiiramaa jiraachuu ibsuun, Itoophiyaan lafa mijataafi bal'aa, carraa bishaaniifi qilleensa mijawaa qabdutti fayyadamuun hojjennee egeree keenya jijjiiruun murteessaa ta'uu dhaamaniiru.

Hoogganaan Biiroo Misooma Jallisiifi Horsiise Bulaa Oromiyaa Injinar Girmaa Raggaasaa sagantaa kanarratti haasawaa taasisaniin Oromiyaan qabeenya dilbii lafa jalaafi irra keessaan badhaatuu taatus barootaaf xiyyeeffannoo dhabuun qonni naannoo keenyaa hirkattummaa rooba jalaa ba'uu kan hin dandeenye ta'uu, kaasuun, ijjiiramaa asitti riiformii taasisfameen, hooggonsi jijjiiramaa, wabii nyaataa mirkaneessuu, carraa hojii bal'aa uumuu, oomisha biyya alaatii galaa ture kan biyya keessaan bakka buusuufi al-ergii guddisuuf hojii hojjeteen bu'aan guddaan argamuu ibsaniiru.

Bara 2013 dura paampiwwan kumni 3 qofti kennamaa kan ture, yeroo ammaa kana paampiiwwan kuma 85 ol raabsamuu danda'uufi kanaanis uwwisa jallisii Naannoo Oromiyaa gara harka 40tti ol guddisuun danda'amuu Injinar Girmaan himaniiru.

Bara oomishaa 2018 kana akka Naannoo Oromiyaatti misooma qamadii jallisii Bonaan lafa heektaara miiliyoona 4 misoomsuun lafa misoomerraas callaa kuntaala miiliyoona 163 ol argachuuf abadatamee hojjetamaa jiraachuu ragaan Biiroo Qonna Oromiyaa irraa argame ni mul'isa.

**Daldalli siyaasaa farra ol-aantummaa seeraafi heera mootummaa keenyaati!**

Obbo Bashiroo Ijjiguu mana jireenyaa Godina Bunnoo Beddellee Magaalaa Beddellee Ganda Abbaa Bokkuu keessaa qaban qabeenya hin sochoone maqaa isaaniitiin galmaa'ee ballina $M^2$ 194 irratti argamu, Lakk. Kaartaasaa 4931/2012 kan ta'e, Barshee Gammadaatti waan gurgurataniif jijjiirraan maqaa nuuf haa raawwatu jedhanii iyyataniiru.Kanaafuu kan mormu ykn mirga qabeenyaa kanarraa kan qabu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee irraa eegalee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo hin dhiyaanne jijjiirraa maqaa kana kan raawwanuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa fi E/Naannoo Bul/Magaalaa Beddellee.

---

Obbo Ahimad Alii Mohaammad mana jireenyaa Godina Bunnoo Beddellee Magaalaa Beddellee Ganda Shuuramuu Gootaa keessaa qaban qabeenya hin sochoone maqaa isaaniitiin galmaa'ee ballina $M^2$ 250 irratti argamu, Lakk.Kaartaasaa 4987/2017 kan ta'e, Obbo Eeliyaas Yaasinitti waan gurgurataniif maqaa nuuf haa raawwatu jedhanii iyyataniiru.Kanaafuu kan mormu ykn mirga qabeenyaa kanarraa kan qabu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee irraa eegalee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo hin dhiyaanne jijjiirraa maqaa kana kan raawwanuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa fi E/Naannoo Bul/Magaalaa Beddellee.

---

Aadde Asikaadee Irigaaxee Godina Bunnoo Beddellee Magaalaa Beddellee Ganda Dirree Misoomaa keessatti mana jireenyaa qaban qabeenya hin sochoone maqaa isaaniitiin galmaa'ee ballina $M^2$ 500 irratti argamu,dhaaltummaa mirkaneeffataniif maqaa gara dhaaltoota isaanii kan ta'an Dammaqechi Ayyalee, Aadde Fetillewarqi Askaadeefi Abbabaa Askaadeetti akka naanneessinu iyyataniiru, kanaafuu kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate kaartaa gara dhaaltootatti kan naanneessinuuf ta'uu ni beeksifna. Waajjira Lafaafi Eeggumsa Naannoo Magaalaa Beddellee

---

Obbo Wanduu Ayyyaanaa mana jireenyaa Magaalaa Beddellee ganda 02 (Abbaa Bookuu) keessaatti qabeenyaa hin sochoone Lakk. Kaartaa isaa 4918/2017 kan ta'e maqaa isaaniitiin galmaa'ee lafa bali'ina isaa $160M^2$ irratti argamu Aadde Siifan Asfaawuutiif waan kennaniif akka maqaa naannessinuuf iyyataniiru. Kanaafuu, kan mormu ykn mirga qabeenyaa kanarraa kan qabu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee irraa eegalee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo hin dhiyaanne ta'e jijjiirraa maqaa kanaa kan naannessinu ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Beddellee.

---

Obbo Addunyaa Ambiisaa mana Lakk.kaartaa MMLM-0144/2015 ta'e Obbo Naasir Jamaalitti gurgurachuu waan barbadaniif namni mormu ykn qabeenyaa kanarraa mirgaa kan qabu yoo jiraate,beeksifni kun bahee guyyaa 20 gidduutti dhiyaachuudhaan akka beeksiftanuu gaafachaa, yoo hin dhiyaanne ta'e gurgurtaan kun kan raawwannuuf ta'uu ni beeksifna. Waajjira Qonnaa fi Lafaa Aanaa Gachii

---

Obbo Tsaggaayee Kaasaahuun mana Lakk. kaartaa MML-027/2013 kan ta'e Aadde Shamsee Suleemanitti gurgurachuu waan barbadaniif namni mormu ykn mirgaa qabeenyaa kanarraa kan qabu yoo jiraate,beeksifni kun bahee guyyaa 20 gidduutti dhiyaachuudhaan akka beeksiftan gaafachaa, yoo kan hin dhiyaanne ta'e gurgurtaan kana kan raawwannuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Qonnaa fi Lafaa Aanaa Gachii

---

# Gujii

Obbo Daawwit Addaamuu mana jireenyaa Lak. Kaartaa OR003020103004 Magaalaa Shaakkisoo Ganda Dhugoo Awaxaa keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee ballina $M^2$ 212 irratti argamu Obbo Bisiraat Yilmaatti gurgureera jedhaniiru,.kanaafuu kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate maqaa gara bitaatti kan naanneessinuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Shaakkisoo

Obbo Suraafeel Bayyanaa mana jireenyaa Magaalaa Shaakkisoo Ganda Dhugoo Awaxaa keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee ballina $M^2$ 200 irratti argamu Obbo Tasfaayee Addunyaatti gurgureera jedhaniiru,. kanaafuu kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate maqaa gara bitaatti kan naanneessinuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Shaakkisoo

---

Obbo Yohaannis Guyyee Shordii mana jireenyaa lakk. isaa OR043010615 kan ta'e rammaddii tajaajila iddoo (zoning) mana Jireenyaa irratti Bulchiinsa Magaalaa Adoolaa Woyyuu Ganda D/Doolaa keessatti qabeenyaa hin sochoone ballina $M^2$ 200 irratti argamu lakk. Kaartaa isaa 6183/15 kan ta'e Aadde Warqee Waaqoo Wooddeessaatti waan gurguraniif waliigalteen akka ragga'uuf iyyannoo isaanii dhiyeefataniiru. Kanaafuu, jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu, yoo hin dhiyaatiin waliigaltee dhiyaate fudhannee kan mirkanneesinuuf ta'uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Adoolaa Woyyuu

---

Obbo Ashabiir Hayiluu Alii mana jireenyaa lakk. isaa AW/OD/378 kan ta'e rammaddii tajaajila iddoo (zoning) mana Jireenyaa irratti Bulchiinsa Magaalaa Adoolaa Woyyuu Ganda Odaa Dollaa keessatti qabeenyaa hin sochoone ballina $M^2$ 200 irratti argamu lakk.Kaartaa isaa 5410/2014 kan ta'e Obbo Negestaat Galawu Woldeetti waan gurguraniif waliigalteen akka ragga'uuf iyyannoo isaanii dhiyeefataniiru. Kanaafuu, jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu, yoo hin dhiyaatiin waliigaltee dhiyaate fudhannee kan mirkanneesinuuf ta'uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Adoolaa Woyyuu

---

Obbo Hayiluu Haroo Jiloo B/B Waddeessaa Culuqee mana jireenyaa lakk.isaa OR043010615 kan ta'e rammaddii tajaajila iddoo (zoning) mana Jireenyaa irratti Bulchiinsa Magaalaa Adoolaa Woyyuu Ganda D/Doolaa keessatti qabeenyaa hin sochoone ballina $M^2$ 200 irratti argamu lakk.Kaartaa isaa 92/09 kan ta'e Aadde Dukkoo Boonaa Abbaa Buleetti waan gurguraniif waliigalteen akka ragga'uuf iyyannoo isaanii dhiyeefataniiru. Kanaafuu, jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu, yoo hin dhiyaatiin waliigaltee dhiyaate fudhannee kan mirkanneesinuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Adoolaa Woyyuu

---

Aadde Yashii Hayiluu mana jireenyaa lakk.isaa AW/OD/378 kan ta'e rammaddii tajaajila iddoo (zoning) mana Jireenyaa irratti Bulchiinsa Magaalaa Adoolaa Woyyuu Ganda Odaa Dollaa keessatti qabeenyaa hin sochoone ballina $M^2$ 200 irratti argamu lakk. Kaartaa isaa 5411/2014 kan ta'e Obbo Kaasahuun Galaaw Wangeetti waan gurguraniif waliigalteen akka ragga'uuf iyyannoo isaanii dhiyeefataniiru. Kanaafuu, jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu, yoo hin dhiyaatiin waliigaltee dhiyaate fudhannee kan mirkanneesinuuf ta'uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Adoolaa Woyyuu

---

Obbo Muudaa Jaarsoo mana jireenyaa lakk.isaa OR0030402140020 ta'e,Magaalaa Shaakkisoo Ganda Uddeeyyii keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee ballina $M^2$ 429 irratti argamu Obbo Araarsaa Gawoleetti gurgureera jedhaniiru,.kanaafuu kan moemu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo dhihaachuu baate maqaa gara bitaatti kan naanneessinu ta'uu beeksifna.Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Shaakkisoo

---

Obbo Gammachuu Salamoon mana jireenyaa Magaalaa Shaakkisoo ganda Uddeeyyii keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee argamu bali`inni lafa isaa $230M^2$ irratti argamu dabarsanii Obbo Esaayaas Salamoonitti gurguranneerra jedhaniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti yoo dhiyaachuu baate maqaa kan nannessinuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Shaakkisoo.

Obbo Gammachuu Salamoon mana jireenyaa Magaalaa Shaakkisoo ganda Uddeeyyii keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee argamu bali`inni lafa isaa $200M^2$ irratti argamu dabarsanii Obbo Esaayaas Salamoonitti gurguranneerra jedhaniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20 keessatti yoo dhiyaachuu baate maqaa kan nannessinuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Shaakkisoo.

---

Obbo Haabtamuu Taaddalee mana jireenyaa Lakk. isaa OR003010809003 kan ta'e Magaalaa Shaakkisoo ganda Dhugoo Awaxaa keessatti argamu lafa bal`inni isaa kaaremeetira $200M^2$ irratti maqaa isaaniitiin galmaa'ee argamu Obbo Taaddalee Bulultaa bakka bu'umadhaan dabarsanii Obbo Mana Sagadaa Ya'ii Waqayyootiif gurgureera jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu maqaa naannessuuf namni mormu yoo jiraate,beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti haa dhiyaatu. yoo dhiyaachuu baate maqaa gara bitataatti kan nannessinuuf ta'uu ni beeksifna. Waajjira Bul/Lafaa Magaalaa Shaakkisoo.

---

Obbo Dastaa Roobee mana jireenyaa Lakk. isaa OR00301140103 kan ta'e Magaalaa Shaakkisoo ganda Bantii Arbaa keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee argamu bal`inni lafa isaa $144M^2$ irratti argamu dabarsanii Obbo Baqqalaa Shugeetti gurgureera jedhaniiru.Kan mormu yoo jiraate,beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti haa dhiyaatu yoo dhiyaachuu baate maqaa gara bitataatti kan nannessinuuf ta'uu ni beeksifna. Waajjira Bul/ Lafaa Magaalaa Shaakkisoo.

---

Aadde Beteleheem Laggaasaa mana jireenyaa Magaalaa Shaakkisoo ganda Bantii Arbaa keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee argamu bal`inni lafa isaa $400M^2$ irratti argamurraa qoodanii kareemeetira $200M^2$ kan ta'e Obbo Daani'eel Tukkeetti gurgureera jedhaniiru.Kan mormu yoo jiraate,beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti yoo dhiyaachuu baate maqaa gurguraa irraa gara bitataatti kan nannessinuuf ta'uu ni beeksifna. Waajjira Bul/ Lafaa Magaalaa Shaakkisoo.

---

Obbo Taarikuu Ballaxaa mana daldalaa Magaalaa Shaakkisoo ganda Bantii Arbaa keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee argamu bal`inni lafa isaa $28M^2$ irratti maqaa isaaniitiin galmaa'ee argamu Obbo Mosuu Kokkobuutti gurgureera jedhaniiru.Kan mormu yoo jiraate,beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti haa dhiyaatu. yoo dhiyaachuu baate maqaa gurguraa irraa gara bitataatti kan nannessinuuf ta'uu ni beeksifna. Waajjira Bul/ Lafaa Magaalaa Shaakkisoo.

---

Aadde Tamkiin Shaamsuu mana jireenyaa Magaalaa Shaakkisoo ganda Dhugoo Awaxaa keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee bal`inni lafa isaa $200M^2$ irraatti argamu Obbo Ziyaad Shaaamsuu bakka bu'umaan dabarsanii Obbo Alamaayyoo Zallaqaatti gurgureera jedhaniiru.Kan mormu yoo jiraate,beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti haa dhiyaatu. yoo dhiyaachuu baate maqaa gara bitataatti kan nannessinuuf ta'uu ni beeksifna. Waajjira Bul/ Lafaa Magaalaa Shaakkisoo.

---

Obbo Taarikuu Mohaammad mana jireenyaa Magaalaa Shaakkisoo ganda Biiqaa Fooraa keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee bal`inni lafa isaa $200M^2$ irraatti argamu Obbo Azezuu G/Madiinitti gurgureera jedhaniiru.kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti haa dhiyaatu.yoo dhiyaachuu baate maqaa gara bitataatti kan nannessinuuf ta'uu ni beeksifna. Waajjira Bul/ Lafaa Magaalaa Shaakkisoo.

---


Obbo Hayileeyeesuus Yitbaarak mana jireenyaa Lakk. OR003020405003 kan ta'e Magaalaa Shaakkisoo ganda Dhugoo Awaxaa keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee bal`inni lafa isaa $428.7M^2$ irraatti argamu Aadde Taddalechi Xaafaatti gurgureera jedhaniiru.Kan mormu yoo jiraate,beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti haa dhiyaatu. yoo dhiyaachuu baate maqaa gara bitataatti kan nannessinuuf ta'uu ni beeksifna. Waajjira Bul/ Lafaa Magaalaa Shaakkisoo.

# Aadaa

Oliifan Raggaasaa

# Ancooteefi kabaja Ayyaana Masqalaa - Dambidoolloofi naannoosheetti

Oromoon ummata seenaa, aadaa, duudhaafi falaasama mataasaa qabuudha. Aadaafi duudhaa uummatichi kalaqee itti fayyadamaa tureefi dhalootaa dhalootatti darbarsuun asiin gahee yeroo ammaas itti fayyadamaa jiru keessaa kabajni ayyaanotaa tokkodha. Ayyaanota uummanni Oromoo kabajuufi bakka olaanaa kennuuf keessaa Masqalli isa angafaati.



Ayyaanni Masqalaa ayyaana jalqabaa bara haaraa keessa yeroo Ganni bahee Birraan bari'utti kan kabajamuudha. Waktiin kun yeroo itti Ganni dukkanni darbee oomishni Ganna qotaa bahan firii godhatee, daraaraa afaanitti baatanii mul'atanii mukkeen, biqiloonniifi abaaboon adda addaa bareedina uumaan uumamaan isaan badhaaseen faayamanii argamaniidha.

Waktiin kun yeroo rakkisaan darbee ifa ganamaatti fakkeeffamu waan ta'eef "Booqaa Birraa" jedhamee waamama. Booqaan Birraa yeroo malkaan guutee fira dhiyoo addaan kutee gamaa gamanatti dhorke hir'atee yeroo firri walitti adeemee wal dubbisuufi baga barii Birraa geesse jedhee walitti adeemuudha. Ayyaanichi erga waggaa haaraan simatamee booda ayyaana jalqaba waggaatti kabajamu waan ta'eef angafa ayyaanotaa jedhamuun beekama.

Oromoon ayyaanni Masqalaa jiidha ilaallatee murteessa. Guyyaa kana kan murteessu ayyaantuudha. Dargaggoonnis wayita Masqalli ga'u torbee lama dursee weeddisa; dhiichisa. Yeroo dhiichisus akkas jedha;

'Karra naaf saaqimee-Yaa dureessakoo

Burreen mooraa marsee-Yaa dureessakoo

Gootaraan dilbii-Yaa dureessakoo

Qotiyyoon cimdii-Yaa dureessakoo jechuun dhiichisu.

Angafti akkuma daamaraa/gubaa qabsiisu ni eebbisa. Angafa dursee gubaan hin gubatu. Eebbis akkasuma akkaataa duraa duuba hangafaa gara quxisuutti dabareen raawwatama. 'gooliin bahi, gooliin bahi, toshaan bahi, jeejeen bahi, kan baranaan nu geesse bara egereen nu jedhamee jala bultii gubaatti ni kadhatama.

Sirna kabaja ayyaana kanaafis qophiiwwan garaagaraatu raawwatama. Nyaataafi dhugaatiin aadaa ni qophaa'u. Xomborri daamaraanis ni qophaa'a. Nyaanni aadaa guyyaa daamaraa qophaa'u kunis marqaa boqqolloo asheetiirraa hojjatamu, daabboo eelee boqqolloo asheetiirraa hojjatamu, ancootee bool'aa angafa ta'e qotamee ykn bitamee affeelamuun qolasaa irraa quncisuun kaan babbaqaqsanii qocqocaafi dhadhaadhaan, kaan immoo laqaxamee soogiddaafi dhadhaadhaan makamee nyaatama. Gaafa daamaraa galgala jechuun gaafa Fulbaana 16 galgala mana nama kamiittiyyuu marqaan boqqolloo asheetii waggaan dhufe irraa kan qophaa'uufi marqaa kanaan kan nyaatamu namoonni sa'a ameessa qaban baaduu ishee kanneen hin qabneef geessuun waliin gahanii ittiin nyaatama.

Nyaataafi dhugaatiin kanneen biroo immoo gaafa Masqalaa Fulbaana 17, namni hunduu akkaataa walitti dhiyeenyaafi ollaasaatti akkasumas firris wal waamee dhangaa qophaa'e waliin hirmata. Gosoota nyaata aadaa ayyaana Masqalaarratti naannichatti nyaatamu keessaa beekamaan Ancooteedha.

Ancooteen gosoota muduraafi kuduraa keessaa tokko yoo ta'u, kan nyaatamu hundee isaati. Hundeen isaa qotamee erga miiccamee booda abidda irratti ni affeelama. Erga affeelamee booda qola isaa irraa quncisuun xixiqqeeffamee babbaqaffama (mummurama). Kana booda qocqocaa /qaaraa/dafaquun mi'eessitoota kanneen akka qullubbii adii, jinjibila, ashaboofi dhadhaadhaan makuun qopheessu. Erga qophaa'ee booda ancooteen sirriitti mummuramee qophaa'e meeshaa nyaatarratti ba'uun daabboo, tusuufi kkf waliin walitti dabaluun qocqocaan gidduu kaa'uun nyaatama.

Ancooteen nyaata filatamaa yeroo Masqalaa uummanni Qellem Wallaggaa bal'inaan itti fayyadamufi soorata cabaa dhinsuufi deessuu morgaa jabeessuudha jedhama. Nyaanni Ancootee kun akaakuu lama qaba. Inni tokko ancootee Adii yoo ta'u, innis yeroo ayyaanni Masqalaa kabajamu kan ga'uufi nyaataaf itti fayyadamaniidha. Inni kan biraa Ancootee diimaa kan jedhamuufi soorataaf dafee hin ga'u, yoo xiqqaate bara lamaaf lafa keessa turuu kan danda'uudha. Yeroo kanas baay'ee qancaruun hidda garaasaa keessatti baafata, baay'ees jabaata, kanaaf akka qorichaatti kan tajaajiluudha. Ancootee diimaan kun qorichummaaf kan filatameef qaama nama cabee/lafee/fi foon bututeef affeeluun baay'ee bulleessanii qullubbii adii waliin daakanii mi'eessituu waliin yoo nyaachisan salphaatti fayyisuu danda'a.

Sirna kabaja ayyaana Masqalaa kanarratti dhugaatiiwwan kanneen akka Buqulii, farsoofi peepsii Garbuu ni fayyadamu. Erga nyaatanii dhuganiis sirba Masqalaa akka jechuun sirbu.

'Masqalli buttaadha

Buttaan bara saddeeti

Hiyyooshee yaa daree

Yaa masqaloo yaa daree

Daree koo yaa daree

Daraaraan haa misuu

Dhaltiin haa mirgisuu

Jabbiin nu haa garmaamtuu

Jibichi nu haa goobuu

Hamattuun haa badduu

Biyyi nu haa guddattuu… jechuun bakka Masqalaa itti guban ykn xomboora xomboruun bakka lafa Masqalaatti sirbama.

Kana malees Ayyaanni Masqalaa xumuramuu agarsiisuuf akka armaan gadii jechuun weellisu.

'Hiyyoo koo

Yaa hiyyoolee

Yaa habaaboo daraaree

Masqala abbaa kormaa yaa bosiyyoo

Yaa abaaboo daree

Yaa masqaloo hin galtaa

Torba bultee hin galtuu

Masqal miila tokkee

Utuu hin argiin sokkee…' jechuun weelliifama.

Aadaa gabbataan kun kaleessa abboota keenyaan kalaqamee darbaa dabarsaa darbuun dhaloota har'aa gaheera. Aadaafi duudhaa abboota keenyarraa dhaalle kunuunsinee dhaoota itti aanuutti dabarsuun dirqama dhaloota har'aati.

***Kominikeeshinii Magaalaa Dambidoollootiin***

**Finxaalessummaan summii sab-daneessummaati; haa faccifnu!**

# Harargee

Obbo Ayinaalam Libbaay qabiyyee mana Magaalaa Galmsoo ganda 02 keessaa qaban Lakk.Kaartaa isaa BMG-5096/03"00" kan ta'e maqaa isaaniitiin galmaa'ee kennameef waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu'ee naaf haa kennamu jedhanii iyyatniiru. Kanaafuu namni kaartaa kana arge ykn dhimmi kun na ilaallat jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhiyaachuu baate kaartaa kan biraa bakka buufnee kan kenninuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Galmsoo.

# Iuu Abbaa Boor

Obbo Geetaachoo Lamuufi Aadde Fiqiree Mulugeetaa mana Jireenyaa Magaalaa Mattuu ganda A/Molee keessaa qaban maqaa isaaniitiin galmaa'ee beekamu Lakk. Kaartaa isaa 2354/02/2010 kan ta'e Lafa bali'inni isaa 500M² irratti ijaaramee jiruu fi Sadarkaa iddoo 2ffaa tajaajila iddoo EA ta'e Obbo Teedii Ambisaatti gurguranneera waan jedhaniif akkaataa Labsii Liizii lafa. Magaalaa Lakk.721/2004tiin jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafa Magaalaa Mattuu.

Obbo Badiluu Goobanaa mana jireenyaa Magaalaa Hurrumuu keessaa qaban ,ballina M²200 irratti argamu, Obbo Gurmuu Warasaatti gurguradheera jedhaniiru. kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Aanaa Hurrumuu

# Jimma

Obbo Mahaammad Saffaan Shukurii Magaalaa Jimmaa Ganda H/Markaatoo keessatti Lakk. Galmee 24059999 LACL OR004120510003 kan ta'eefi Lakk. seerii LH0180612 kan ta'e tajaajila mana jireenyaaf kan oolu, waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu'ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru.Kanaafuu namni ragaa kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate ragaan duraanii tajaajila ala akka ta'etti lakkaa'amee kan biraa bakka bu'ee kan kennamuuf ta'uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Jimmaa

Obbo Jamaal Kadiir Imaamiifi N-2 Magaalaa Jimmaa Ganda Hemaataa keessatti kaartaa lakk. galmee isaa 24050357 fi koodii addaa cittuu lafaa OR004140108004 ta'e,tajaajilli isaa mana jireenyaaf oolu ,najalaa badeera jedhanii iyyataniiru. kanaafuu kan arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo dhihaachuu baate kaartaan duraanii tajaajila alaa makka ta'etti lakkaa'amee kan biraa kan kennamuuf ta'uu beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Jimmaa

Obbo Jamaal Kadiir Imaamiifi N-2 Magaalaa Jimmaa GandaB/Kittoo keessatti kaartaa lakk. galmee isaa 23061027 fi koodii addaa cittuu lafaa OR004021609009 ta'e,tajaajilli isaa mana jireenyaaf oolu ,najalaa badeera jedhanii iyyataniiru. kanaafuu kan arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo dhihaachuu baate kaartaan duraanii tajaajila alaa makka ta'etti lakkaa'amee kan biraa kan kennamuuf ta'uu beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Jimmaa

# Shawaa

Aadde Daraaree Bayyanaa Kaartaa Lakk.isaa Bur/Q/du/0004/09 kan ta'e, maqaa isaaniitiin galmaa'ee kennameef waan jalaa badeef kan biraa bakka bu'ee akka kennamuuf gaafataniiru.kanaafuu kan arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate yoo jiraatye beeksifni kun bahee guyyaa 30 keessatti yoo dhihaachuu baate kan biraa bakka buufnee kan kenninuuf ta'uu beeksifna.Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Buraayyuu.

**Obbo Shibbiruu Caalchisaatiif**
**Obbo Alamaayoo Fayyisaatiif**
**Obbo Bahayiluu Baqqalaatiif**
**Bakka jirtanitti**
Himataan Waldaa Aksiyoona Baankii Addis Internaasinaalifi himatamtoota Obbo Masfin Tasfaayee fa'aa N-20 jidduu falmii dhimmaa waliigaltee jiru ilaalchisee himatamtoonni 12ffaa, 13ffaafi 16ffaa mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 05/02/2017 sa'aatii 4:00 irratti dhihaattanii akka falmattan manni murtii ajajeera.Mana Murtii Waliigala Oromiyaa Dhaddacha Dhaabbii Bahaa.

Obbo Simee Damee Baatii Nagahee Lakk.isaa 870255 kan ta'e maqaa isaaniitiin galmaa'ee kennameef na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru.kanaafuu Nagahee kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 30keessatti tooftaa kamiinuu yoo beksifachuu baate ragaan abbaa qabiyyee (Nagahee) kan biraa baafachuu kan danda'an ta'uu ni beeksifna.Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Furii

Obbo Taaddalaa Lammaa waraqaa ragaa Mirkaneessa abbaa qabiyyummaa kan dhuunfaa isaanii Magaalaa Shanoo Ganda Burqaa Ejersaa keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee kennamaeef Lakk.Kaartaasaa 9959/95 kan ta'e waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu'ee naaf haa kennamau jedhanii iyyataniiru.kanaafuu namni ragaa kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate beeksifn kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baateraa kan biraa bakka buufnee kan kenninuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Shanoo.

**Obbo Alamaayyoo Geetachootiif**
**Bakka jirtanitti**
Himataan M/A/M Obbo Abdulhaakim Muusaafi himatamaan M/A/I isin jidduu falmii jiru ilaalchisee himatamaan kun raawwiidhaan himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 27/01/2018 sa'aatii 4:00 irratti dhihaattanii akka falmattan manni murtii ajajeera.Mana Murtii Aanaa Barraak

**Firewihoot Abarraatiif**
**Bakka jirtanitti**
Himataan Obbo Kooket Abbabaafi himatamaa isin jidduu falmii jiru ilaalchisee himatamaan kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 06/01/2018 sa'aatii 5:00 irratti dhuihaattanii akka falmattan manni murtii ajajeera.Mana Murtii Aanaa Kutaa Magaalaa Dambalaa

Obbo Ababaaw Taaddasaa Magaalaa Shaggar Kutaa Magaalaa Galaan keessatti nagahee duraa mana jireenyaa lakk.isaa 0345467 ta'e,maqaa isaaniitiin galmaa'ee kennameef najalaa badeera jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu kan arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo dhihaachuu baate kan duraanii akka badetti tilmaamamee footoo kooppiin orjinaalaa kan kennamuuf ta'uu beeksifna.Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Waajjira Kaadastaraa Kutaa Magaalaa Galaan

**Aadde Waayinsheet Teekkaa Shiragaatiif**
**Bakka jirtanitti**
Himataan A/A fi himatamtuu isin jidduu falmii sanada sobaan qophaa'eetti fayyadamuu fi sanadaafi mallattoo addaa gara sobaa jijjiiruufi fakkeessanii hojjechuu jiru ilaalchisee himatamtuun kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 06/02/2018 sa'aatii 4:00 irratti dhihaattanii akka falmattan ibsaa,kan hin dhihaanne yoo dhimmichi iddoo isin hin jiretti ilaalamee murtiin kan kennamu ta'uu ni beeksifna.Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha Dhaabbii Bahaa

Obbo Asinaa Abdii Kadiir nagahee mirriitii lakk.isaa 374696 ta'e,maqaa isaaniitiin galmaa'ee kennameef najalaa badeera jedhanii iyyataniiru.kanaafuu idaadhaanis ta'ee,haala birootiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 30 keessatti tooftaa kamiinuu yoo beeksifachuu baate ragaan abbaa qabeenyummaa (Nagahee) kan biraa baafachuu kan danda'an ta'uu beeksifna.Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Galaan Guddaa

Obbo Qaabataa Gabbisaa Bulchiinsa Magaalaa Amboo Ganda Kisoosee Oddoo Liibaan keessaa qaban kaartaa lakk.isaa WLBMA/809/017 ta'e,maqaa isaaniitiin galmaa'ee beekkamu,na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru.kanaafuu namni kaartaa kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Amboo

Aadde Zinnaash Isheetuu Nugusee mana Magaalaa Adaamaa Kutaa Magaalaa Bokkuu Shanan Aanaa Harooreetii keessaa qaban kaartaa lakk.isaa OR001177508007 ta'e,maqaa isaaniitiin galmaa'ee kennameef waan najalaa badeef kan biraa bakka bu'ee naaf haa kennamu jedhanii karaa bakka bu'aa isaanii Obbo Abduljabbaar Kadiir Seeraatiin iyyataniiru. kanaafuu namni kaartaa kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Bokkuu Shanan

Obbo Bantii Aagaa Qannoo Magaalaa Adaamaa Aanaa Gooroo keessatti kaartaa lakk.isaa 1698/2008 ta'e,maqaa isaaniitiin galmaa'ee kennameef na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru.kanaafuu namni kaartaa kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate kan biroo hojjetameefii kan kennamuuf ta'uu nibeeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Adaamaa

Obbo Gabremediin Gabruu Magaalaa Adaamaa Ganda 03 keessatti kaartaa lakk.isaa 682/83 ta'e,maqaa isaaniitiin galmaa'ee kennameef najalaa badeera jedhanii iyyataniiru.kanaafuu kan arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo dhihaachuu baate kan biro hojjetameefii kan kennamuuf ta'uu beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Adaamaa

**Caalbaasii**
R/Himataan Biiroo Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaafi R/himatamaa Aschaaloo Shawaa Naarii jidduu lixxuun Natsaannat Raggaasaa jidduu falmii raawwii jiru ilaalchisee qabeenya raawwii maqaa R/himatamaa kanaatiin galmaa'ee argamu,mana jireenyaa Gamoo Abbaa Darbii Sadii G+3 kan ta'e Lakk.Kaartaasaa 02/104/9623/2/5/23/29031/02 kan ta'e, Magaalaa Finfinnee Kutaa Magaalaa Nifaas Silkii Laaftoo Aanaa 02 keessatti ballina M² 94 irratti argamu, gatii ka'umsa caalbaasii qarshii 18,549,123.05tiin gaafa 13/02/2018 sa'aatii 4:00 – 7:00tti caalbaasii ifaa ta'een gatii olaanaa argameen waan gurguramuuf namoonni caalbaasii kanarratti dorgomuudhaan bitachuu barbaaddan guyyaafi sa'aatii jedhametti bakka mana caalbaasiidhaaf sababa ta'etti argamuudhaan ka'umsa caalbaasichaarraa ¼ isaa CPOdhaan qabattanii dhihaachuun dorgomuu kan dandeessan ta'uu beeksisa namni caalbaasicha mo'ate guyyaa 15 keessatti qarshii ittiin mo'ate guutumasaa kaffalee kan xumuru ta'uu akka qabu manni murtii ajajeera.Mana Murtii Ol'aanaa Magaalaa Shaggar

**Aadde Qonjiit Dirribaatiif**
**Bakka jirtanitti**
Himattuun Masarat Baqqalaafi himatamtuu isin jidduu falmii jiru ilaalchisee himatamtuun kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 29/01/2017 sa'aatii 4:00 irratti dhihaattanii akka falmattan ibsaa, kan hin dhihaanne yoo ta'e,falmiin bakka isin hin jiretti kan itti fufu ta'uu manni murtii ajajeera.Mana Murtii Aanaa Sadeen Sooddoo.

Aadde Hiwoot Isheetuu Magaalaa Shaggar Kutaa Magaalaa Mana Abbichuutti nagahee mirriitii lakk.isaa 93919 ta'e,maqaa isaaniitiin galmaa'ee jiru waan jalaa badeef kan bakka bu'ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru.Kanaafuu kan arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Kaadaastaraa Magaalaa Shaaggar Kutaa Magaalaa Mana Abbichuu

Obbo Isaayyas Alamuu Laaqaw mana jireenyaa Lakk. Kaartaasaa L/S/01861/2011 kan ta'e maqaa isaaniitiin galmaa'ee Magaalaa Shaggar Kutaa Magaalaa Furii keessatti argamu Obbo Jibriil Daddafoo Tukeetti caalbaasiidhaan gurguruun maqaa mo'ataa caalbaasii kanatti akka naanna'uuf iyyataniiru.kanaafuu kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 30keessatti akka dhihaatu ibsaa,kan hin dhihaanne yoo ta'e ragaa abbaa qabiyyee kan biroo hojjennee mo'ataa caalbaasiif kan kenninuu ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Furii

---

Aadde Faasikaa Nugusee Waraqaa ragaa mirkaaneessaa Abbaa qabiyyummaa lafa ykn kaartaa Lakk.isaa CA/6194/10/15 kan ta'e waan na jalaa badeef kan biraa akka naaf kennamuu jechuun gaffataniiru.Kanaafuu ragaa kana sababa adda addaatiin kan qabaate yoo jiraate guyyaa beeksifni kun bahee irraa eegalee guyyaa hojii walitti annaan 20 keessatti akka dhiyaatu ibsaa,guyyaa jedhamee keessatti yoo hin dhiyaanne kan biraa kan kennamuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa fi E/N/ Bul/Magaalaa Caancoo

---

**1ffaa Obbo Fitsum Taaddasaatiif**
**2ffaa Obbo Yooseef Gazzahanyitiif**
**Bakka Jiranitti**

Falmii Raawwachiisaa Murtii Abbaa Mirgaa Kubbaaniyyaa Inshuuraansii Anbasaa fi Murtiin Abbaa Idaa Fistum Taaddasaa fa'aa N-2 jidduu jiru ilaalchisee Mana Murtii Ol'aanaa Magaalaa Adaamaatti raawwiin himatamuu keessan beektanii bu'uura murtii kennameen raawwatanii akka dhiyaataniif yoo raawwachuu baattan immoo sababa raawwachuu dhabdaniif beellama gaafa 06/02/2018 sa'aatii 9:00 irratti qaaman mana murtii kanaatti dhiyaatanii akka gabastan manni murtii ajajeera.M/M/Ol/Magaalaa Adaamaa

---

Obbo Takilemaaram Isxifaanos mana jireenyaa Nagahee Mirriitii Lakk.isaa 2359590 fi Lakk. kaartaa OR033025515019 ta'e Magaalaa Shaggaar Kutaa Magaalaa Mana Abbichuutti maqaa isaaniitiin galmaa'ee jiru na jalaa bade jechuudhaan qaaman dhiyaachuudhaan waajjira keenyaatti iyyataniiru. Kanaafuu qaamni raga kana argine jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa hojii 20 (digdama) keessatti Waajjira Kaadastaraa Ku/Mag/Mana Abbichuutti dhiyaachuun akka beeksiftan,kun kan hin tannee yoo ta'ee ragaan bira kan kennamuuf ta'uu ibsaa,beeksifni kun bahee guyyaan isaa erga irraa darbee booda ragaan argame kun akka hin hojjenne ta'uu ni beeksifna. Waajjira Kaadastaraa Ku/Magaalaa Mana Abbichuu

---

Obbo Baatii Bookaa Teessoo mana jireenyaa Magaalaa Bishooftuu KMC Aanaa – ta'e Lakk. Kaartaan isaa 81/19 kan ta'e ragaan abbaa qabiyyee Orijinaalli isaa harka isaanii waan jalaa badeef kan biraan bakka bu'ee akka kennamuuf gaafataniiru. Haaluma kanaan ragaa bade kana namni argeera ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhiyaachuu baate kaartaa kan biraa bakka buufnee kan kennanuuf ta'uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa kutaa Magaalaa Bishooftuu.

---

Aadde Shittaayee kaartaa Lakk.isaa 3638/35/87/00 kan ta'e Magaalaa Fiichee keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee kennameef waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu'ee akka naaf kennamu jedhanii gaffataniiru. Kanaafuu namni ragaa kana arge ykn sababa adda addaatiin kan qabaate jiru yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee irraa eegalee guyyaa 20 keessatti akka dhiyaatu ibsaa,guyyaa jedhamee keessatti yoo hin dhiyaanne kaartaa kan biraa bakka buufnee kan kennanuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Bul/Magaalaa Fiichee.

---

**Obbo Iyyoob Dachuutiif**
**Bakka jirtanitti**

Himataan A/A/Magaalaa Adaamaa fi Himatamaan isin jidduu falmii yakka yaalii ajjechaa rawwachuu jedhu ilaalchisee Mana Murtii kanatti himatamtani dhimmi keessaan ilaalamaa beellamarraa kan jiruu ta'uu beekanii guyyaa beellama gaafa 27/01/2018 sa'aatii 5:00 irratti akka dhiyaatanii dhimma keessaan akka falmatan ta'ee,yoo kan hin dhiyaanne ta'ee dhimmichi bakka isiin hin jirretti kan ilaalamuu ta'uun manni murtii ajajeera.M/M/Ol/Magaalaa Adaamaa

**Obbo Biqilaa Badhaadhaatiif**
**Bakka jirtanitti**

Himataan A/Alangaa Magaalaa Adaamaa fi Himatamaan Biqilaa Badhaadhaa jiddu falmii yakka ajjechaa rawwachuu jedhuu iaalchisee Mana Murtii kanatti himatamtanii dhimmi keessaan ilaalamaa beellamarra kan jiruu ta'uu beekanii guyyaa beellama gaafa 26/01/2018 sa'aatii 5:00tti akka dhiyaatan dhimma keessaan akka falmatan ta'ee,yoo kan hin dhiyaannee ta'ee dhimmi bakka isiin hin jirretti kan ilaalamuu ta'uun manni murtii ajajeera.M/M/Ol/ Magaalaa Adaamaa

---

Aadde Wubayee Yeshineh Nagahee Lakk.isaa 1152264 kan ta'e maqaa Aadde Tazarraa Warquutiin galmaa'ee waan na jalaa badeef ragaan bade kun bakka bu'ee akka kennamuuf Waajjiraa keenya gaafataniiru. Kanaafuu,namni mormuu yoo jiraate ykn dhimmi kun na ilaallata kan jedhu guyyaa beeksifni kun bahee irraa kaasee hanga guyyaa 30tti yoo dhiyaachuu baate ragaa bade bakka buufnee kan kenninuuf ta'uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Buraayyuu

---

Obbo Birhaanuu Kafanii Lakk.Nagahee 869765 ta'e maqaa isaaniitiin galmaa'ee kennameef na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru.Kanaafuu Nagahee kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee irra eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kamiinuu yoo beksifachuu baate ragaan abbaan qabiyyee (nagahee) kan biroo baafachuu kan danda'an ta'uu ni beeksifna. Bulchiinsa Magaalaa Sasashaggaritti Wajjiraa Lafaa Kutaa Magaalaa Furii

---

Aadde Tsahaay Daanii Nagahee Mirriitii Lakk.0134343 ta'e maqaa isaaniitiin galmaa'ee jiru waan badeef qaamni ragaa kana arginee jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa hojii 20 keessaatti dhiyaachuun akka beeksiftan,kun kan hin taanee yoo ta'e ragaan biraa kan kennamuuf ta'uu ibsaa,beeksifni kun bahee guyyaan isaa erga irra darbee booda ragaan kun yoo argamellee kan hin hojjenne ta'uu ni beeksifna.Waajira Lafaa Maagaalaa Shaggar/Ku/Magaalaa Mana Abbichuu.

---

Aadde Halfuu H/Amaan Magaalaa Adaamaa Kutaa Magaalaa Boolee Aanaa Dhakaa Adii keessatti kaartaan mana jireenyaa Lakk.isaa 10898/2002 kan ta'e, maqaa isaaniitiin galmaa'ee kennameef kaartaan orjinaalli harka isaanii jiru waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu'ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru.kanaafuu qaamni kaartaa kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Aanaa Dhakaa Adii.

---

# Wallagga

**Caalbaasii Ifaa Marsaa 1ffaa bara 2018**

Waajjira Maallaqaa Godina Qellem Wallaggaatti Waajjirri Mallaqaa Aanaa Sayyoo Bara Baajetaa 2018tti Waajjiraalee Mootummaa Aanicha keessatti argamaniif kan oolu Meeshaalee Barreeffamaa, Meeshaalee qulqullinaa, Meeshaalee biiroo keessaa, Uffata seeraa hojjetootaa, Meeshaalee electironicsii, Farniicharoota adda addaa, Gommaa konkolaataa,Meeshaalee ijaarsaa caalbaasii ifaadhaan dorgomsiisee bituu barbaada Odeeffannoo dabalataaf Waajjira Maallaqaa Aanaa Sayyootti argamuun Ade/Bittaa fi Bul/Dha/Qab/T/W/ Puulii kutaa lakk. 2 irraa ragaa ibsa beeksisa caalbaasii fudhachuu ni dandeessu.**Waajjira Maallaqaa A/Sayyoo**

---

Obbo Mohammad Ahimad mana jireenyaa Magaalaa Gidaamii ganda 01 keessatti bal'ina lafaa 200m2 irratti argamu lakk. kaartaa isaa GK/01/644/2018 ta'e Obbo Kennasaa Mikaa`elitti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun ba'ee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Gidaamii.

---

Obbo Daawwit Yaadataa mana jireenyaa Magaalaa Gidaamii ganda 02 keessatti bal'ina lafaa 200$M^2$ irratti argamu lakk. kaartaa isaa GK/02/646/2018 ta'e Obbo Addisuu Saamu`eelitti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun ba'ee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Gidaamii

Obbo Margaa Alamuu mana jireenyaa Magaalaa Gidaamii ganda 01 keessatti bal'ina lafaa 200m2 irratti argamu lakk. kaartaa isaa GK/01/647/2018 ta'e Obbo Abdataa Qanaa`aatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun ba'ee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Gidaamii.

---

Aadde Hambaayee Adinuu mana jireenyaa Magaalaa Gidaamii ganda 01 keessatti bal'ina lafaa 200m2 irratti argamu lakk. kaartaa isaa GK/01/643/2018 ta'e Obbo Dassuu Qanaa`aatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun ba'ee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Gidaamii.

---

Obbo Girmaa Fiqaaduu mana jireenyaa Magaalaa Gidaamii ganda 01 keessatti bal'ina lafaa 200m2 irratti argamu lakk. kaartaa isaa GK/01/649/2018 ta'e Obbo Hasan Tashoomaatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun ba'ee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Gidaamii.

---

Obbo Girmaa Araarsaa mana kuusaa Magaalaa Gidaamii ganda 02 keessatti bal'ina lafaa 1500m2 irratti argamu lakk. kaartaa isaa GK/01/482/2017 ta'e Obbo Araarsaa Ittafaatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun ba'ee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Gidaamii.

---

Obbo Tamaama Daggafaa fi Aadde Madiinaa Hiisaa mana jireenyaa Magaalaa Gimbii Ganda 03 keessatti ballina $M^2$ 658 irratti argamu, Lakk.Kaartaasaa ETH000010295569 kan ta'e, Aadde Tirfee Fiixeetti gurgurtaadhaan dabarsuu waan barbaadaniif gara maqaa nama bitatee otuu hin jijjiirramin kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Gimbii

---

Obbo Guutuu Oljirraa mana jireenyaa Magaalaa Gimbii Ganda 02 keessatti ballina $M^2$ 358 irratti argamu, Lakk.Kaartaasaa 02/10047/17 kan ta'e, Aadde Araaree Fufaatti gurgurtaadhaan dabarsuu waan barbaadaniif gara maqaa nama bitatee otuu hin jijjiirramin kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Gimbii

---

B/sa Jiraataa Seedaa Gammachuu qabeeyyummaa isaanii kan ta'e,mana Magaalaa Yuubdoo Ganda 01 keessatti argamu, Lakk. Kaartaasaa -- ta'e, Dastaa Fufaa Ayyaaneetti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beekaifni kun bahee guyyaa 20keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate gurgurtaan kan mirkanaa'uuf ta'uu beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Yuubdoo

---

Obbo Ittafaa Danuu Diinbaar qabeeyyummaa isaanii kan ta'e,mana Magaalaa Yuubdoo Ganda 02 keessatti argamu,lakk.kaartaasaa -- ta'e, Obbo Fedhasaa Danuu Diinbaaritiif kennuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beekaifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo dhihaachuu baate gurgurtaan kan mirkanaa'uuf ta'uu beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Yuubdoo

---

Bakka Bu'aa Obbo Taaddasee Birhaanuu kan ta'an Obbo Taammiraat Baqqalaa mana Daldaalaa Magaalaa Dambi-Doolloo ganda Laaftoo keessatti argamu lakk.kaartaa isaa 10254/WMMLM/10 kan ta'e bal'inna Lafaa 234$M^2$ irratti maqaa Obbo Taaddasee Birhaanuutiin galmaa'ee jiru bakka bu'insa qabaniin maqaan gara Obbo Taammiraat Baqqalaatti akka jijjiiramuuf gaafataniiru.kanaafuu dhimma jijjiirraa kanaa ilaalchisee namni mormii qabu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee irraa kaasee guyyaa 20keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa fi E/Naannoo Bul/Magaalaa Dambi Doolloo

---

Tsaayee Bokkoree Mana jireenyaa dhuunfaa isaanii Kaartaa lakk.isaa WBIFLMB/711/04/014 ta'e Magaalaa Biilaa ganda 01 keessaa qaban Obbo Toleeraa Tasammaatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 gidduutti haa dhiyaatu. Waajjira Lafa Magaalaa Biilaa

# Muuxannoo

Masarat Amanaa

# Dubartii Itoophiyaatti 'yeroo jalqabaaf' ji'ooloojiin PhD baratte - Dr Baksaa Amantee

Dr. Baksaa Amantee jedhamti. Barnoota muummee ji'ooloojiin Itoophiyaa keessatti yeroo jalqabaaf dubartii PhD argattedha.

Qofaa ishee barnoota PhD barachuun kan xumurte Dr. Baksaa Amantee, yeroo digirii lammaffaa muummeedhuma ji'oolojii kanaan Yuunivarsiitii Finfinneetti barattes nama lama qofa ta'uun akka baratanii xumuran BBCtti himte. Dr .Baksaa Amantee Kumsaa eenyu? Eessaa kaatee damee barnoota dubartoonni hedduun hin baranne kanaan milkaa'uu dandeesse?

Tibbana waraqaa qorannooshee yeroo dhiyeessitu dubbii ijoo miidiyaa hawwaasaa kan turte Dr Baksaa Amantee kophaa ishee barattee barnoota PhD Yuunvarsiitii Saayinsii fi Teeknoloojii Finfinnee irraa xumuruu himte. Mummee ji'ooloojiidhaan dubartii yeroo jalqabaaf PhD fudhatte tahuu BBCtti himte.

Muummee kanaan PhD yeroo xumurtu dubartootaaf qofa osoo hin taane dhiiraafis tahe dhalaaf nama jalqabaa tahuu himteetti. Yeroo kana jennu Itoophiyaa keessatti barachuun jechuuf malee namoonni biyya alaa deemuun baratanii xumuran jiru.

Barsiisonni ishees tahan namoonni muummee Ji'ooloojiidhaan hanga PhD baratan biyya alaatti akka baratan kan himtu Dr Baksaa Amantee, yeroo digirii lammaffaa ishee barattus nama lama qofa tahanii baratanii akka xumuran himte.

Ji'ooloojiin qalbii Dr Baksaa keessa kan seene ijoollummaatiin akka tahe himti. Barattuu cimtuu kan turte Dr Baksaan, abbaan ishee Obbo Amanteen waajjira Albuudaa keessa waan hojjetaa turaniif waa'ee albuudaa irra deddeebiin akka isaan irraa dhagahaa guddatte himti.

Booda isheenis faana abbaa ishee hordofuun muummee ji'oolojii galuun qabeenya lafa jala jiru qorachuufi barachuuf akka fedhi godhatte himti. ''Yeroon sadarkaa lammaffaa baradhu abbaankoo waajjira albuudaa fi inarjii keessa waan hojjetaa tureef waa'ee qabeenya uumamaa naannicha [Wallagga] keessa jiruu nan dhagaha ture.

Garuu ofiikoo muummee kana gala jedhee hin yaadne ture. Garuu kutaa 12 yeroo xumurree saayinsii uumamaa waan baradheef muummee kana galuu qaba jedheen murteesse. Abbaankoos akkan baradhu barbaada ture. Ergan muummee kana seenee baay'eeman jaaladhe'' jette Dr Baksaan.

''Yeroo baay'ee gara waajjira isaa nan deema ture. Dhagaa adda addaa, albuudota nan arga ture. Yeroo sana waa'een qabeenya uumamaa qorachuu fi barachuu qalbii koo keessa galuu jalqabe. Kanaan anis muummee kana galuun qaba jedheen murteesse'' jette. Qormaata seensa yuunvarsiitii kutaa 12ffaa yeroo xumurte Yuunvarsiitii Haramaayaa ture kan ishee gahe.

Garuu muummee kana yuunvarsiitichi akka qabu gaafannaan achitti argachuu hin dandeenye. Kanaaf Yuunvarsiitiin Wallaggaa waan muummee kana qabuuf garasitti akka jijjiirratte dubbatti. Muummee kana galuun dubartootaaf salphaa akka hin taane kan himtu Dr Baksaan garuu irraa baqachuu hin qaban jetti. ''Barnoonni isaa gidduuma galeessadha. salphaallee miti. Ulfaataas miti. Garuu kan cimu dameewwaan hedduu qaba. Baay'ee dadhabsiisaadha. Yeroo hojii qorannoo fi barnootaaf dirree baanu dubartoonni baay'ee dadhabanii kufan ture. Kanaaf dubartoonni baay'een hin filatan.'' Dr. Baksaa Amantee qorannoo ishee kan hojjette dhagaa booralee [limestone] irrattidha.



Damee isheen qorannoo ishee irratti hojjette ammoo ishee irratti waan eegaleef qormaata guddaa keessa darbuu himte. Gorsaa ykn waraqaalee qorannoo ishee gargaaran argachuuf rakkoo hedduu keessa darbiteetti.

''Namni ana dura damee kanaan barate biyya keessaa dhabuun qormaata tokko. qorannoo bal'aan irratti gaggeeffame hin jiru,'' jette. Dhagaan irratti hojjedhe kun bal'inaan naannoo Oromiyaa fi Amaaraa keessa jira. Gara sana deemeen qorannoo gaggeessaa ture,'' jette.

Dhagaan boorallee Itoophiyaa keessaa irra caalaa gara sulula laga Abbayyaa keessa jira. Dabalataan gosti dhagaa kun naannoo Somaalee fi Tigiraay keessas bal'inaan jira. Oomisha simmintoo keessatti hedduu barbaadama. Oomishaa fi qonna keessattis dhagaa barbaadamudha.

Naannoo Oromiyaa fi Amaara keessaa bakka bal'aa keessa deddeebitee qorannoo gaggeessaa kan turte Dr. Baksaan qormaata hedduu keessa darbuus himte. Warshaaleen simmintoo hedduun kan ijaaraman naannoo dhagaan kun bal'inaan jiru keessattidha.

Shawaa Lixaa keessaa naannoo warshaan Simmintoo Daangotee jiru keessa bal'inaan jira. Dr Baksaanis naannicha dabalatee bakkeewan adda addaa deemuun qorannoo gaggeessaa turte. Faayidaan dinagdee dhagaan kun qabu olaanaa tahuu kan himtu Dr Baksaan fuuldurattis qorannoo dabalataa osoo irratti gaggeeffame faayidaa guddaaf oolchuun danda'ama jette.

Warshaalee keessattis hedduu kan barbaadamuu tahuu kan himtu Dr Baksaan osoo qorannoo dabalataa irratti gaggeeffame bu'aa dinagdee guddaaf oolchuun danda'ama jette. b''Dacheef nuyi ilaalcha addaa qabna. Yeroo qorattee waa'ee dachee bartu akka jaalattu si godha. Akkatti lafti kun jijjiiramtee bifa amma qabdu kana qabatte yoo yaaddu, qabeenya uumamaa lafa keessa jiru yoo yaaddu, lafaaf jaalala addaa qabna,'' jette Dr Baksaan.

Waanti barbaachisu hunduu lafarra jira kan jettu Dr Baksaan Itoophiyaafillee qabeenyi uumamaa isheen qabdu abdii guddaa akka tahe himte.

Garuu qorannoo bal'aa akka isa gaafatu dubbatte. Isa qabnutti akka hin fayyadamne rakkoon adda addaa biyya keessa jiraachuu qofa osoo hin taane qorachuufilee wantooni gufuu tahan hedduu jiraachuu himte. Gara fuula duraattis namoota kaan waliin tahuun qorannoo bal'aa qabeenya uumamaa kana irratti gaggeessuuf fedhii akka qabdullee itti dabaluun dubbatteerti.

Dabalataan dubartoonni osoo hin sodaatiin gara muummee kanaa dhufuu aka qaban dhaamti Dr Baksaan. ''Waan jaallannu tokko keessatti milkaa'uuf waa'ee koorniyaa keenyaa yaaduu hin qabnu. Ji'ooloojiin dadhabbii waan qabuuf dubartoonni galuu hin qaban ilaalchi jedhu jira. Damee kana jaalallannaan gatii barbaachisu kaffaluun ittiin milkaa'uun barbaachisa'' jette.

Faayidaan dhagaa booralee kun ijaarsa bu'uuraalee misoomaa hedduuf oola kan jettu Dr Baksaan gatii simmintoo dabalaa waan jiruuf bu'aan dinagdee dhagaa kanaa olaanaadha jette.

Ammatti amalootaafi uumama dhagichaarratti qorannoo gaggeessuu himte. Dr. Baksaa Amantee dhalattee kan guddatte Godina Horroo Guduruu Wallaggaa magaalaa Shaambuutti ture. Maatiin keenya barumsatti hedduu waan amananiif deeggarsa guddaa naaf godhaniiru.

Mana keenyatti yoo qormaata dhabde haga dhabne adabbiin madaalu nuuf kennamu jira,'' kan jettu Dr Baksaan isheenis barattuu qaxalee turte. Irra caalaa barumsa irratti kan jabaachaa fi xiyyaaffachaa deeme ergan yuunvarsiitii galeeti. Yuunvarsiitiii ergan seenee baay'ee nan dubbisa ture jette.

Yeroo damee kanaan xumurtus qabxii guddaa waan qabduuf carraa barsiisummaa Yuunvarsiitii Wallaggaatti argatte. Erga waggaa tokkoof hojjettee carraa barnoota digirii lammaffaa argattee gara Yuunvarsiitii Finfinnee deemte.

Nama lama tahanii baratanii digirii lammaffaa isaanii xumuruun Yuunvarsiitii Wallaggaatti deebi'uun barsiisaa turte. Waggaa lama akka hojjetteen carraa barnoota PhD argachuun Yuunvarsiitii Saayinsii fi Teeknoloojii galte. Yeroo sana qofaa barachuu ykn lama taanee barachuu itti bareera kan jettu Dr Baksaan yeroo PhD qofaa ishee barattes haaraa akka itti hin taane himte.

Barnoota PhD yeroo weerara koroonaa keessa jalqabde. Garuu sababa weerarichaan waggaa tokko osoo hin baratiin dabarsite. Jalqabdee xumuruuf waggaa jaha itti fudhachuu kan himte Dr Baksaan waliigalaan barnootaa fi qorannoo ishee waggoota shan keessatti xumuruu himte. BBC Afaan Oromoo

**Daneessummaan miidhagina malee sodaa miti**

# Dinagdee

*Hizqi'eel Tashoomaa*

# Naannoo Oromiyaatti xiyyeeffannoon misooma jallisii yeroo gara yerootti dabalaa jira

Naannoon keenya Oromiyaas ta'e biyyi keenya Itoophiyaan qabeenya bishaan lafarraafi lafa jalaa kanneen akka burqaa, laggeen, haroofi bishaan lafa jalaatiin badhaatuudha. Qabeenyi kun barootaaf sirnaan hoogganamee faayidaa barbaachisuu uummataaf laachaa hinturre.

Uummata Itoophiyaa lakkoofsaan hedduu ta'an keessaa harki caalu dargaggeessaafi humna oomishaa yoo ta'anis kan hojii qonnaa ammayyaarratti bobba'an muraasa. Kana waanta'eef jireenya guyyaan of danda'uu bira darbee jireenya fooyya'aa jiraachaa hin turre.

Sirni dhufee darbus qonnaan bulaa kan ta'e hojii qonnaa ammayyeessuurratti bu'aan dhufe hinturre jechuun ni danda'ama.

Lafee dugdaa Itoophiyaati jedhamuun kan himamaa ture qonni gateettii qotiyyoo irraa bu'uun gara maashinariitti ce'ee hawaasa biyyattii jiruufi jireenya isaanii fooyyessuun haa turuu nyaatanii buluun iyyuu rakkoo hammaataa tureera.

Haroowwan Bonaafi Ganna dambali'aniifi lageen bishaaniin guutaman hedduun jiraatanis malli qonna Itoophiyaa waan hin ammayyoomneef uummata biyya keenyaaf bu'aa barbaadamu buusaa hinturre jechuudha. Uummatni keenyas qabeenya dilbii naannoosaa jiru bira taa'ee akkuma mammaaksa 'dhibaa'aan bishaan keessa dhaabatee dheebota' jedhan sanaa ta'uun baroota lakkofsisaa ture.

Gama biraan naannoon keenyas ta'ee biyyi keenya lageeniifi haroowwaniin kan baadhaate taatus qabeenya dilbii haroowwan, lageen Bonaafi Ganna yaa'aniifi lafa qonnaa biyyee gabbataan badhaatuu taatuus jiruufi jireenyi qonnaan bulaa maxxantummaa roobaa jalaa bahuu hin dandeenye ture.

Qonnaan bultootni naannichaas aadaa qonnaa hirkatummaa roobaa qofa eeganii waggaatti al tokko qofa oomishuu rratti hirkachuun qabeenya bishaan lageeniifi haroo uumaan isa badhaase irraa utuu hin fayyadamin barootaaf rakkoo hongeefi hanqina midhaan nyaataaf saaxilamaa turaniiru.

Adeemsi qonnaa hirkatummaa robaa qofaan oomishuu kun biyya mitii nama dhuunfaaf iyyuu hin fayyada jechuun hojiitti kan gale hooggansi jijjiiramaa rakkoo kana hubachuun qaawwa gama tarsiimoofi imaammata qonnaan turee furuuf barii jijjiiramaa irraa eegaluun waggoottan shanan darban keessatti hojiiwwan damee qonnaarratti hojjetameen seenaan maxxantummaa roobaa kaleessa ture jijjiirameera. Kanaanis qabeenya bishaanii naanniichaa sirnaan fayyadamuun yeroo lamaafi sadii oomishuun fala jedhamuun hojiitti galame.

Karaa ammayyaa'een bishaan hoogganuun ce'umsa hawaas-dinagdee naannichaa saffisiisuufi keessattuu naannawan gammoojjitti rakkinoota sababa hongeetiin hawaasa mudachaa turaniif furmaata waaraa kaa'uu danda'eera.

Mootummaan Jijjiiramaa rakkoo maxxantummaa roobaa jalaa qonnaan bulaa baasuuf aadaan hojii qonna naannichaa rooba qofa eeggachuun waaggatti al tokko qofa oomishamaa ture hundeerraa furmaata akka argatuuf dhaadannoo golli Oromiyaa waqtii hunda misoomsa jedhu qabachuun qonna ammayyeessuun inisheetiiviiwwan qonna garaagaraa bocee hojiirra oolchuun qonnaan bulaa biraan gahuu erga eegalee jijjiiramni qabatamaan galmaa'uu danda'eera.

Hojii inisheetiivii qonnaa mootummaa jijjiiramaan



bocamuun hojiirra oolfaman keesaa immoo inisheetiiviin misooma qamadii waggoottan darban akka Naannoo Oromiyaatti eegalameen Naannoon Oromiyaa ambasaaddara misoomaafi aadaa hojii qonna biyyattii rooba qofa eegachuun waggaatti yeroo tokko qofa oomishuun ittiin beekamtu hundeerraa jijjiiruu danda'eera.

Hojiiwwan mootummaan jijjiiramaa baroottan darban kutannoon hojjeteen damee qonnaa cimsuufi ammayyeessuudhaan dinagdee biyyaa keessatti qooda dameen kun qabu guddisuuf hojii hojjatameen galmoota ce'umsa misooma qonnaa kanneen ta'an al-ergii guddisuu, oomisha alaa galu kan biyya keessaan bakka buusuu, wabii midhaan nyaataa mirkaneessuufi carraa hojii uumuurratti raawwiin jajjabeessaan galmaa'ee jira.

Tarkaanfii addaa oomisha qamadiirratti fudhatameenis biyyi keenya boqonnaa kadhaa kaleessaa keessaa baatee, haala mijataa misoomaaf qabdutti gargaaramuun Bonaafi Gannaan qamadii oomishtee wabii nyaataa mirkaneeffachuu, darbees al-ergiidhaaf oolchuudhaan boqonnaa seenaa haaraa saaquu dandeesseetti.

Inisheetiiwwan qonna garaa garaa mootummaa jijjiiramaan bocamanii hojiirra oolfan kunneen jiruufi jireenya qonnaan bulaa fooyyessuu bira darbanii kadhaa kaleessa ittiin beekamtu jalaa baasuun dingdee biyyaa utubaa jiru.

Hidhawwan bishaanii hidha finnaa dabalatee hanga hidhaawwan xixiqqaatti bajata biliyoonaan lakkaa'amu ramaduudhaan waggoottan shan darban keessatti hojiiwwan fayyadamummaa qonnan bultoota naannichaa mirkaneessan hedduun hojjetamaniiru.

Paampii bishaaniin qabeenya bishaanii naannichi qabutti sirnaan fayyadamuun qonnaan bultootni keenya aadaa hojii baratame jijjiiruun Bonaafi Ganna waggaatti yeroo lamaafi sadii ol oomishuun oomishaafi oomishtummaan isaanii akka guddatu taasisuun galmoota badhaadhinaa karoorfamee hojjetamaa jiru dhugoomsuuf Mootummaan Naannoo Oromiyaa hojii qabatamaa safaramuu danda'u hojjeteera.

Mootummaan Naannoo Oromiyaa godinaaleefi bakkeewwan hongeef saaxilamoo ta'an 10 keessatti pirojeektonni Finnaa 73 akka hojjetamaniif karoorfatee hojjechaa kan jiru yemmuu ta'u,waggoota muraasa darban kanatti pirojeektiin Finnaa 12 xumuruun tajaajilaaf banaa akka taasifame ragaan Biiroo Misooma Jallisiifi Horsiisee Bulaa Oromiyaarraa argame ni mul'isa.

Hojii kanaanis rakkoon bishaan dhugaatii namaafi beelladaa sababa hongeetiin naannoo hawaasa horsiisee bulaatti mudachaa ture furmaata argateera.

Sochii qonnaa ammayyeessuu hanga amamatti taasifameen aadaan hojii Ganna qofa rooba eeganii qotuun oomishanii,Bona immoo waan Ganna qotan taa'anii nyaachaa jiraachuu jijjiiramuun yeroo ammaa qe'ee qonnaan bulaafi horsiisee bulaatti bonaafi ganna oomshuun amaleeffataafi aadeffatamaa dhufee jira.

Qabeenyi bishaanii qabeenya murteessaa jiruufi jireenya uummata naannichaa jijjiiruufi qonna isaanii tarkaanfachiisu ta'uu hubachuudhaan karaa ammayyaa'een hooganuufi itti fayyadamuuf karaa qindaa'een hojjetamuun bu'aa qabatamaan galmaa'eera. Lafti kanaan dura qotamaa hin turre lafti gammoojiifi lafti magaalaa qonna jallisii karaa ammayyaa'een fayyadamuun akka misoomu taasifameera.

Bu'uuruma kanaan waggoottan shanan darban lafti akka Oromiyaatti qotamaa ture hekt.miiliyoona 5.6 kan hin caallee yeroo ammaa dachaan akka dabalu taasifamuun sochiin biyyi keenya wabii midhaan nyaataan of danda'uun taasisaa jirtu jijjiirama abdachiisaa agarsiisaa jira.

Hojii gama kanaan hojjetameenis Ministeerri Muummee Itoophiyaa Doktar Abiyyi Ahimad sochii qonna ceesisuun midhaan nyaataan of danda'uu akka biyyaatti taasifameefi hooggansa bilchaataa taasisaniin akka addunyaatti badhaasa FAO Agricola jedhamuun beekamu,baadhasa biyyi tokko beela,rakkinaafi gargaaramuu keessaa baate midhaan nyaataan of danda'uf taasiftuuf kennamu fudhachuun maqaa Itoophiyaa olkaasanii mul'isuu danda'aniiru.

Hojii qonna ammayyeessuu waggoottan darban hojjetamaniin oomisha alaa galan biyya keessatti oomishuun bakka buusuun biyyi keenya qamadii alaa galchuuf waggaatti doolara miiliyoona 700 hanga biiliyoona

*Gara fuula 3tti*

**Barumsi naannoo hubannoo hawaasaa guddisuudhaaf shoora guddaa qaba!**

Obbo Badhaasaa Abdii Mana jireenyaa dhuunfaa isaanii Kaartaa lakk.isaa WBIFLMB/704/04/2018 ta'e Magaalaa Biilaa ganda 01 keessaa qaban Obbo Lammeessaa Asfaawutti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 gidduutti haa dhiyaatu. Waajjira Lafa Magaalaa Biilaa

Daayituu Saaqqataa Mana jireenyaa dhuunfaa isaanii Kaartaa lakk.isaa WBIFLMB/987/04/2013 ta'e Magaalaa Biilaa ganda 02 keessaa qaban Obbo Imaanaa Waakkanneetti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 gidduutti haa dhiyaatu. Waajjira Lafa Magaalaa Biilaa

Obbo Addunyaa Alamuu Mana jireenyaa dhuunfaa isaanii Kaartaa lakk.isaa WBIFLMB/474/04/2012 ta'e Magaalaa Biilaa ganda 02 keessaa qaban Obbo Daawwit Fiqaaduutti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 gidduutti haa dhiyaatu. Waajjira Lafa Magaalaa Biilaa

Obbo Gammachiis Bulii mana Magaalaa Begii Ganda 01 keessatti ballina $M^2$ 500 irratti argamu,lakk. kaartaasaa 558/2013 ta'e,Obbo Milkiyaas Mikaa'ilitti waan gurgurataniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Beegii

Obbo Alamaayyoo Bazzuu lafa mana jireenyaa Magaalaa Siree Ganda 02 keessatti ballina $M^2$ 200 irtratti argamu,qabiyyeen isaanii mirkanaa'eefii ragaan abbaa qabeenyummaa naaf haa kennamu waan jedhaniif kan mormu yoo jiraatye beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Siree

**Obbo Naggaasee Sanbataatiif**
**Bakka jirtanitti**
Himataan Anteenee Dammanaafi himatamaa isin jidduu falmii jiru ilaalchisee himatamaan kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 22/01/2018 sa'aatii 4:00 irratti dhihaattanii akka falmattan manni murtii ajajeera.Mana Murtii Aanaa Magaalaa Naqamtee

Obbo Fiqaaduu Abarraa mana jireenyaa Magaalaa Gimbii Ganda 02 keessatti ballina $M^2$ 312.85 irratti argamu.lakk.kaartasaa ETH000010293828 ta'e,gurgurtaadhaan dabarsuu waan barbaadaniif maqaa gara nama bitatee Obbo Gammachiis Balfaa Kumsaatti utuu hin jijjiirramin kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Gimbii

Aadde Eelsabet Dagguu mana dhuunfaa isaanii Magaalaa Innaangoo Ganda 01 keessaa qaban lakk. isaa 1621 ta'e, Assagadechi Ababawootti dabarsuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaala Innaangoo

Aadde Eebbisee Warqinaa mana jireenyaa Magaalaa Bubbee Ganda 02 keessatti ballina $M^2$ 200 irratti argamu,lakk.kaartaasaa 1081/BMB/2017 kan ta'e,Luba Caalii Fedhasaafi Aadde Zabdituu Ittaanaatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Noolee Kaabbaa

Obbo Kifiluu Abdiisaa Qumburee mana dhuunfaa isaanii Magaalaa Innaangoo Ganda 02 keessaa Aadde Eebbisee Ta sfa Dungujee Tasfaayee waliin qaban, lakk.isaa 1320 ta'e,Obbo Girshaa Fufaatti waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaala Innaangoo

Obbo Asaffaa Leejjisaa mana jireenyaa Magaalaa Qaaqee ganda 01 keessaa qaban Lakk.Kaartaa isaa 2270/WBIFLMQ/2008 ta'e bali'inni lafa isaa $152M^2$ irratti argamu Obbo Taammiraat Kifileetti gurguranii maqaa jijjiiruu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Qaaqee.

Aadde Abbabuu Caalaa mana jireenyaa Magaalaa Qaaqee ganda 02 keessaa qaban Lakk.Kaartaa isaa 43/ WBIFLM ta'e bali'inni lafa isaa $200M^2$ irratti argamu Obbo Isimaa'eel Dirribaatti gurguranii maqaa jijjiiruu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Qaaqee.

Obbo Isheetuu Girshaa mana jireenyaa Magaalaa Qaaqee ganda 01 keessaa qaban Lakk.Kaartaa isaa 19/ WLMQ ta'e bali'inni lafa isaa $400M^2$ irratti argamu Obbo Geetaachoo Qalbeessaatti gurguranii maqaa jijjiiruu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Qaaqee.

Obbo Biqilaa Tarrafaa mana jireenyaa Magaalaa Qaaqee ganda 01 keessaa qaban Lakk.Kaartaa isaa 1489/WBIFLMQ ta'e bali'inni lafa isaa $360M^2$ irratti argamu Aadde Jamiilaa Taarikuutti gurguranii maqaa jijjiiruu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Qaaqee.

Obbo Beekaa Gammadaa mana jireenyaa Magaalaa Qaaqee ganda 02 keessaa qaban Lakk.Kaartaa isaa 1947/WBIFLMQ ta'e bali'inni lafa isaa $147M^2$ irratti argamu Obbo Shamsuu Ahimaditti gurguranii maqaa jijjiiruu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Qaaqee.

Obbo Abduu Ibiraahim mana jireenyaa Magaalaa Qaaqee ganda 02 keessaa qaban Lakk.Kaartaa isaa 41/WBIFLMQ ta'e bali'inni lafa isaa $200M^2$ irratti argamu Obbo Ifaa Immaanaa Oliqaatti gurguranii maqaa jijjiiruu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Qaaqee.

Aadde Siyaam Suleemaan haadha warraa fi bulchituu qabeenyaa Obbo Akililuu Galaalchaa ta'uu isaanii mirkaaneffatanii mana daldalaa Magaalaa Qaaqee ganda 01 keessaatti argamuu Lakk.Kaartaa isaa 289/M/L/Q/2011 ta'e bali'inni lafa isaa $14M^2$ ta'e irratti argamu Obbo Akililuu Galaalchatiin galmaa'ee jiru gara maqaa isaaniitti akka jijjiiramuuf waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Qaaqee.

Aadde Almaaz Baqqalaa Gamteessaa mana jireenyaa Magaalaa Dambi Dolloo ganda Biiftuu keessaa qaban Lakk.Kaartaa isaa 16975/WLEN ta'e balli'ina lafaa $375M^2$ irratti argamu irraa qoodanii qabiyyee balina lafaa $200M^2$ ta'e Obbo Mubaarak Kamaalitti gurguranii maqaan akka jijjiiramuuf iyyataniiru. Kanaafuu dhimma jijjiirraa kanaa ilaalchisee namni mormii qabu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee irraa jalqabee turtii guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira fi E/N/Bul/Magaalaa D/Dolloo

Obbo Kamisoo Faqqadaa Malkaa mana dhuunfaa isaanii Magaalaa Q/Kaarraa ganda 02keessaa qaban lakk.isaa P-0132 kan ta'e fi Lakk.Kaartaa isaa 0217WILMQK 2017 kan ta`e Obbo Indaaluu Sanbataatti dabarsanii waan gurgurataniif jijjiirraan maqaa akka ragga'uuf nu gaafataniiru.kanaafuu kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20gidduutti kan hin dhiyaanne yoo ta`e jijjiirraan maqaa kun kan raawwatuuf ta`uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Q/Kaarraa.

Obbo Tamasgeen Tolasaa mana dhuunfaa isaanii Magaalaa Q/Kaarraa ganda 01 kan keessaatti argamu lakk.manaa isaa P-1169 kan ta'e fi Lakk.Kaartaa isaa 0215WBILMQK 2017 kan ta`e Obbo Bal'inaa Taddasaatti dabarsanii waan gurgurataniif jijjiirraan maqaa akka ragga'uuf nu gaafataniiru.kanaafuu kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 gidduutti kan hin dhiyaanne yoo ta`e jijjiirraan maqaa kun kan raawwatuuf ta`uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Q/Kaarraa.

Obbo Mulgeetaa Dassaaleny mana Magaalaa Yuubdoo ganda 02 keessatti argamu Obbo Daawwit Xibabuu Gab/Goorgisitti gurgurachuu waan barbaadaniif, kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira /M/M/Qoph/Magaalaa Yuubdoo.

Aadde Dasii Tasammaa Awwaajjii mana Magaalaa Yuubdoo ganda 01keessatti argamu Lakk.kaartaa 210/ KT.MMLMY/011 ta'ee Obbo Kaffaalee Adaaneetti gurgurachuu waan barbaadaniif, kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waaj/M/M/Qoph/Magaalaa Yuubdoo.

Aadde Taarikee Waldemaariyaam mana Magaalaa Yuubdoo ganda 01keessatti argamu Lakk.kaartaa ----- ta'e Obbo Hinnahuu Waldeetiif kennuu waan barbaadaniif, kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waaj/M/M/ Qoph/Magaalaa Yuubdoo.

Obbo Jiraataa Guutamaa mana Magaalaa Yuubdoo ganda 01keessatti argamu Lakk.kaartaa ---- ta'e Obbo Kibiruu Asfaawuutti gurgurachuu waan barbaadaniif, kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waaj/M/M/Qoph/Magaalaa Yuubdoo.

Aadde Dirribee Bolee Leencoo mana Magaalaa Yuubdoo ganda 01keessatti argamu Lakk.kaartaa ---- ta'e karee meetira $200M^2$ irratti argamu Obbo Zarihuun Asiraatuutti gurgurachuu waan barbaadaniif, kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti haa dhiyaatu.Waaj/M/M/Qoph/Magaalaa Yuubdoo.

Obbo Wandimmuu Bultii Nagahoo mana jireenyaa Magaalaa Gimbii ganda 02 keessaatti Lakk.Kaartaasaa K/07/1163/96 kan ta'e kaartaan Orjinaalli akkataa hojimaataatiin kaartaan haaraa nuuf haa kennamu jechuudhaan iyyataniiru.Kanaafuu haala hin beekamneen kaartaa Orjinalli kun harka keessaan yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa fi E/N/Bul/Magaalaa Gimbii.

Obbo Addunyaa Abarraa Alamuu mana jireenyaa Magaalaa Gimbii ganda 04 keessatti argamu Lakk. Kaartaa ETH00001029552 ta'e ballinni isaa $490M^2$ irratti argamu Obbo Darajjee Baayisaatti dabarsanii waan gurgurataniif maqaan akka jijjiiramuuf gaafataniiru.kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Gimbii.

Obbo Damee Lammaa Mardaasaa mana jireenyaa Magaalaa Gimbii ganda 02 keessatti argamu Lakk. Kaartaa 000010295157 kan ta'e ballinni isaa $242M^2$ irratti argamu Obbo Taammiraat Biyyanaa Goobanaatti dabarsanii waan gurgurataniif maqaan akka jijjiiramuuf gaafataniiru.kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Gimbii.

Obbo Abdataa Tarfaa mana jireenyaa Magaalaa Qaaqee ganda 02 keessaatti argamu Lakk.Kaartaa isaa 42/WBIFLMQ ta'e bali'inni lafa isaa $200M^2$ irratti argamu Obbo Naasiir Abarraatti gurguranii maqaa jijjiiruu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Qaaqee.

Aadde Jamiilaa Taarikuu mana jireenyaa Magaalaa Qaaqee ganda 02 keessaatti argamu Lakk.Kaartaa isaa 20/WLMQ/2017 ta'e bali'inni lafa isaa $200M^2$ irratti argamu Obbo Asheetuu Nabiyyuutti gurguranii maqaa jijjiiruu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Qaaqee.

Obbo Imaamuu Gammadaa mana jireenyaa Magaalaa Qaaqee ganda 01 keessaatti argamu Lakk.Kaartaa isaa 47/WBIFLMQ ta'e bali'inni lafa isaa $200M^2$ irratti argamu Aadde Taaddaluu Ittafaatti gurguranii maqaa jijjiiruu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Qaaqee.

Obbo Mulgeetaa Gammadaa Irreessoo mana jireenyaa Magaalaa Gimbii ganda 02 keessatti argamu Lakk. Kaartaa ETH000010294907 ta'e ballinni isaa 525M$^2$ irratti argamu Obbo Misganuu Koorsaa Abdiisaatti dabarsanii waan gurgurataniif maqaan akka jijjiiramuuf gaafataniiru.kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Gimbii.

---

Obbo Ifaa Ayyaanaa Bantii mana dhuunfaa isaanii kan ta'e mana jireenyaa Magaalaa Jaarsoo Gabaa Dafinoo ganda 02 keessatti argamu Lakk. Kaartaa isaa 126/ MLM/2017 fi bal'inna lafaa 200M$^2$ irratti argamu Obbo Geetachoo Nyaaroo Biyyanaatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate, beeksifn kun bahee guyyaa 20gidduutti haa dhiyaatu.Waajjira Lafa Magaalaa Mana Qopheessa Jaarsoo Gabaa Dafinoo.

---

Obbo Guuttataa Saasiggaa Ejersaa mana dhuunfaa isaanii kan ta'e mana jireenyaa Magaalaa Jaarsoo Gabaa Dafinoo ganda 02 keessatti argamu Lakk. Kaartaa isaa 938/MLM/2011 fi bal'inna lafaa 200M$^2$ irratti argamu Obbo Maarqoos Waaqjiraa Nagaasaatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate, beeksifn kun bahee guyyaa 20gidduutti haa dhiyaatu.Waajjira Lafa Magaalaa Mana Qopheessa Jaarsoo Gabaa Dafinoo.

---

Obbo Waaqjiraa Waaqwayyaa Likkaasaa mana jireenyaa Magaalaa Najjoo Ganda Daka Baddeessoo keessatti argamu lakk.kaartaasaa 7348/2017 ta'e,Obbo Hiikaa Nagaashuu Dheerasaatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Najjoo

---

Obbo Galataa Tsaggaayee Guddataa mana jireenyaa Magaalaa Najjoo Ganda Le/Ko/Abdiisaa Aagaa keessatti argamu lakk.kaartaasaa 7464/2018 ta'e, Aadde Muluu Abboosee Tasfaayeetti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Najjoo

---

Murtii Jaallataa Dirribsaa mana jireenyaa Magaalaa Najjoo Ganda Le/Ko/Abdiisaa Aagaa keessatti argamu lakk.galmee OR027041502021 ta'e,Obbo Ballinaa Biqilaa Galataatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Najjoo

---

Aadde Biddiqaa Raggaasaa Hundee mana jireenyaa Magaalaa Najjoo Ganda Le/Ko/Abdiisaa Aagaa keessatti argamu lakk.kaartaasaa 5378/2016 ta'e, Obbo Daawwit Yaadasaa Dhibbaatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Najjoo

---

Obbo Israa'eel Tasfaayee Raaree mana jireenyaa Magaalaa Najjoo Ganda Le/Ko/Abdiisaa Aagaa keessatti argamu lakk.kaartaasaa 7364/2017 ta'e, Aadde Eebbisee Nagaasaa Fufaatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Najjoo

---

Namoomsaa Alamuu Gajar mana jireenyaa Magaalaa Najjoo keessatti argamu lakk.kaartaa dijitaalaa OR027020709012 ta'e,Obbo Waakkennaa Beekumaa Wayyeessaatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Najjoo

---

Obbo Gammachiis Wandimmuu Abdiisaa mana jireenyaa Magaalaa Najjoo keessatti argamu lakk. kaartaa dijitaalaa OR027040710009 ta'e,Obbo Yaa'iqoob Amsaaluu Baayisaatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Najjoo

---

Obbo Amaanu'eel Tasammaa faa N-6 mana jireenyaa Magaalaa Najjoo keessatti argamu lakk.kaartaa dijitaalaa OR027010106004 kan ta'e, karaa bakka bu'aa isaaniitiin Obbo Hinsarmuu Ittafaafi Obbo Taarikuu Ittafaatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Najjoo

---

Obbo Yoonaas Abarraa Dinqaa Magaalaa Najjoo Ganda A.A kaartaa orjinaala lakk.isaa 2322/2010 kan ta'e,waan najalaa badeef kaartaa haaraan bakka bu'ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru.kanaafuu namni kaartaa kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Najjoo

---

B/stu Sannaayit Kaasahun qabeeyyummaa isaanii kan ta'e,mana jireenyaa Magaalaa Yuubdoo Ganda 02 keessaa qaban,lakk.kaartaasaa 121-BM-05 kan ta'e,ballina M$^2$ 200 irratti argamu Obbo Shuggux Firoomsaatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beekaifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate gurgurtaan kan mirkanaa'uuf ta'uu beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Yuubdoo

---

Aadde Tsahaay Teessoo Gammachuu mana jireenyaa Magaalaa Najjoo ganda Le/ko/Abdiisaa Aagaa keessaatti argamu lakk.kaartaa isaa 4158/2014 kan ta'e obbo Mitikkuu Taammanaatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Najjoo.

---

Aadde Ababayee Dirbabaa Gammachuu mana jireenyaa Magaalaa Najjoo ganda Yaakkoo Alaltuu keessaatti argamu lakk.kaartaa isaa 5217/2016 kan ta'e Obbo Yohaannis Lammaa Tolosaatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Najjoo.

---

Obbo Yaa'iqoob Amsaaluu Baayisaa mana jireenyaa Magaalaa Najjoo ganda Daka Baddeessoo keessaatti argamu lakk.kaartaa isaa 7326/2017 kan ta'e Obbo Guutamaa Margaa Dhufeeraatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Najjoo.

---

Aadde Shummatee Kumsaa Galataa mana jireenyaa Magaalaa Najjoo ganda Daka Baddeessoo keessaatti argamu lakk.kaartaa isaa 7364/2017 kan ta'e Obbo Ifaa Qajeelaatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Najjoo.

---

Obbo Badhaasaa Malkamuu Galataa mana jireenyaa Magaalaa Najjoo ganda Yaakkoo Alaltuu keessaatti argamu lakk.kaartaa isaa 1630/2008 kan ta'e Obbo Daani'eel Caalii Almaadiitti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Najjoo

---

Obbo WaaqShumaa Yaadasaa Margoo mana jireenyaa Magaalaa Najjoo ganda Yaakkoo Alaltuu keessaatti argamu lakk.kaartaa isaa 4770/2016 kan ta'e Aadde Saaroon Haayiluu Ashanaatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Najjoo.

---

Obbo Habtee Marshaa Bilaaluu mana jireenyaa Magaalaa Najjoo ganda Le/ko/Abdiisaa Aagaa keessaatti argamu lakk.kaartaa isaa ETH000010294627 kan ta'e Abdataa Baqqalaa Guddataatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Najjoo.

---

Obbo Taarikuu Faqqadee Tolaa mana jireenyaa Magaalaa Najjoo ganda Qotaa Najjoo keessaatti argamu lakk. kaartaa isaa OR027020303027 kan ta'e Daani'eel Faqqadee Tolaatti kennuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Najjoo.

---

Obbo Takiluu Moosisaa mana jireenyaa Magaalaa Najjoo ganda Le/ko/Abdiisaa Aagaa keessaatti argamu lakk.kaartaa isaa 6473/2017 kan ta'e Abbo Abbayyaa Birhaanuu Fufaatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Najjoo.

---

Obbo Amantii Raggaasaa Taasisaa mana jireenyaa Magaalaa Najjoo ganda Le/ko/Abdiisaa Aagaa keessaatti Argamu Orijinaalli isaa ragummaaf nuuf kenname lakk.kaartaa isaa 801/EMMLM/2007 maqaa Amantii Raggaasaa Taasisaatiin galmaa'ee jiru nu duraa bade jechuudhaan iyyataniiru.Halumaa kanaan namni kaartaa kana bifaa kamiin iyyuu qabaate yoo jiraate,beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20 gidduutti haa dhiyaatu jechaa kan hin dhiyaanne yoo ta'e haaraa bakka buufnee kan kenninuuf ta'uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Najjoo.

---

Aadde Muluu Iraaduu mana dhuunfaa isaanii Magaalaa Innaangoo ganda 01 keessaa qaban Lakk.kaartaa isaa 1874/W/L/2016 kan ta'e Aadde Caaltuu Mitikkuutiif kennadhaan dabarsuu waan barbadaniif,kan mormu yoo jiraate beekisfni kun bahee hanga guyyaa 20 (digdama) tti akka dhiyaatu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Innaangoo

---

Obbo Abdurazaqi Siraaj mana jireenyaa Magaalaa Gullisoo ganda 02 keessatti argamu Lakk.isaa 1628 ta'e bali`innisaa 346M$^2$ irratti argamu Lakk.kaartaa Bu/M/Gull/1575/2015 kan Bashaatuu Sanbataatti dabarsanii gurgurachuu waan barbadaaniif, kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira M/Qoph/ Magaalaa Gullisoo.

---

Obbo Ashannaafii Tarrrafaa mana jireenyaa Magaalaa Gullisoo ganda 01 keessatti argamu lakk.isaa 7074 ta'e bali`innisaa 200M$^2$ irratti argamu Lakk.kaartaa Bul/Mag/Gull/2021/2015 Aadde Tigisti Margaatti dabarsanii gurgurachuu waan barbadaaniif, kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira M/Qoph/ Magaalaa Gullisoo.

---

Obbo Lammeessaa Qana'aa mana jireenyaa Magaalaa Gullisoo ganda 02 keessatti argamu lakk.isaa 5065 ta'e bali`innisaa 500M$^2$ irratti argamu Lakk.kaartaa Bul/ Mag/Gull/2019/2017 B/sa Gammachuu Ayyaanaatti dabarsanii gurgurachuu waan barbadaaniif, kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira M/Qoph/ Magaalaa Gullisoo.

---

Obbo Baqaanaa Qaabataa mana jireenyaa Magaalaa Gullisoo ganda 02 keessatti argamu lakk.isaa 983 ta'e bali`innisaa 200M$^2$ irratti argamu Lakk.kaartaa Bul/ Mag/Gull/2014/2017 Obbo Gammachuu Teessootti dabarsanii gurgurachuu waan barbadaaniif, kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira M/Qoph/ Magaalaa Gullisoo.

---

Obbo Adddisuu Olaanaa mana daldalaa Magaalaa Gullisoo ganda 02 keessatti argamu lakk.isaa 493 ta'e bali`innisaa 160M$^2$ irratti argamu Lakk.kaartaa M/Q/M/Gull/2032/2018 Obbo Darajjee Ittaanaatti dabarsanii gurgurachuu waan barbadaaniif, kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira M/Qoph/ Magaalaa Gullisoo.

---

Obbo Gurmeessaa Barkeessaa fi Haadha Warraa isaanii Aadde Malkituu Danuu Lubbuudhaan waan hin jirreef mana jireenyaa Magaalaa Gullisoo ganda 02 keessatti argamu lakk.isaa 854 ta'e bali`innisaa 200M$^2$ irratti argamu Lakk.kaartaa Bu/M/Gu/2028/2017 Obbo Fiqaaduu Gurmeessaa, Aadde Birqee Gurmeessaa, Aadde Baqqalech Gurmeessaa, Maartaa Gurmeessaa fi Aadde Aagee Gurmeessaa kan ta'aniif dhaltummaan waan barbadaaniif, kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira M/Qoph/ Magaalaa Gullisoo.

Lafawwan miidhaman xuxxuqqaarraa bilisa gochuudhaan deebi'anii akka dandamataniifi oomishitummaansaanii akka dabalu gochuun ni danda'ama!

## Seeraafi Haqa

*Taammanaa Gammadaa*

# Raawwii karoora hojii Biiroo Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaa bara 2017

## Raawwii gama dantaa hariiroo hawaasaa kabachiisuufi hojiirra oolmaa seeraa mirkaneessuu

*(Kan darberraa kan itti fufe)*

– **Hojiirra oolmaa seerotaa fooyyessuu**

Hojii kana jalatti hojiileen bara kana keessa karoorfaman manneen hojii seeronni isaan baafatan heeraaf seeraan kan walitti hin buune ta'uu hordofuun akka sirreessan gochuu, seerota qaawwa qaban adda baasuun qaama ilaallatuuf yaada dhiyeessuu, hojimaanni qaamota mootummaa akkaataa seeraan ta'uu hordofuun yaada furmaataa dhiheessuu, qo'annoof qorannoo dhimma seeraafi hojimaataan walqabatanirratti geggeessuufi wixineewwan seeraa qopheessuudha. Hojimaanni sakatta'insa seerota manneen hojii bahu dhabuufi danbiin qajeelfamoonni sekteroonni baasan gara Biiroo Abbaa Alangaa dhufee akka mirkanaa'u dirqisiisu bahuu dhabuun gufuu guddaa raawwii hojii kanaa ta'us bara 2017 keessa sadarkaa Biiroo, godinaaleefi Aanaaleerratti bu'aa kana milkeessuuf hojiileen hojjetamaa turan keessaa ijoon:

- Hojimaata sakatta'insa hordoffii, odiitiifi hojiirra oolmaa seerotaa qophaa'ee jiru gara qajeelfamaatti guddisuun hojiirra oolchuu ilaalchisee karaa ILQSO qorannoon geggeeffamaa waan jiruuf yemmuu qorannichi xumuramu hojimaanni maanuwaaliin jiru gara qajeelfamaatti kan guddatu ta'a.
- Bu'aa hordoffii hojiirra oolmaa seeraa bara kana geggeeffamee ilaalchisee:
- Sadarkaa naannootti argannoo sakatta'insaarratti miseensota maanaajimantii daandiiwwaniifi loojistiksiifi Biiroo Bishaaniifi Inarjii waliin marii'atamee booda woorkishooppiif dhiyaatee duubdeebiin barreeffamaan kennameera.
- Sadarkaa Godinaa/Magaalaafi Kutaalee Magaalaa/ Aanaaleetti Waajjiraalee 638 hordoffiifi odiitiin keessatti geggeeffame hundaaf (%100) duubdeebiin kennamee jira.
- Waliigala Waajjiraalee Biirolee lamaanii sadarkaa adda addaa 638 hordoffiifi odiitiin hojiirra oolmaa seeraa keesssatti geggeeffame hundaaf (% 100) duubdeebiin barreeffamaan kennamee jira.
- Sektaroota mootummaa sakatta'insi irratti geggeeffame keessatti seerota sektarichaa hojiirra oolmaansaanii sakatta'amee dabaluu ilaalchisee seerota shan akka Biiroo Daandiiwwaniifi Loojistiksii Oromiyaatti jiran keessaa seeronni 5fi seerota akka Biiroo Bishaaniifi Inarjii Oromiyaatti jiran kudhan keessaa saddeet hojiirra oolmaansaanii sakatta'amee jira. Waliigala seerota Biiroolee lamaanii 15 keessaa 13 sakatta'amee jira.
- Biiroo Bishaaniif ineerjiin walqabatee hanqinoonni hojiirra oolmaa seeraa 17fi kan biiroo daandiiwwaniif lojistikii hanqinoonni 25 adda bahanii dhihaataniiru.
- Biiroowwan lamaan wajjiin mariin koreewwan bulchiinsaafi workshoppiin argannoo irratti qophaa'ee kallattiin hojii waloo qabatameera.
- Sakatta'insa hojiirra oolmaa seerotaa bara kana gaggeeffameen argannoowwan gurguddoo adda bahanii duubdeebiin irratti kenname keessaa muraasni:

**Biiroo Bishaaniifi Inarjii ilaalchisee**

- Qabeenya bishaanii lafa irraafi lafa keessatti argamu hangaafi qulqullina isaatiin qorannoon adda baasuun faayidaa adda addaatiif akka oolu taasisuu ilaalchisee akka naannootti qorannoo qindaa'aan gaggeeffame kan hin jirre ta'uu.
- Dhaabbilee mootummaa bishaanitti fayyadaman dabalatee Biiricharraa hayyama osoo hin argatiin bishaaniitti fayyadamuun bal'inaan kan jiru ta'uu.
- Namoonni dhuunfaa hedduun hayyama malee boolla bishaanii qotanii itti fayyadamaa kan jiran ta'uufi namoota hayyama malee bishaanitti fayyadaman irrattis tarkaanifiin fudhatame kan hin jirre ta'uu
- Fakkeenyaaf akka Kutaa Magaalaa Malkaa Noonnootti dhaabbilee 107 boolla bishaanii qaban keessaa hayyama kan qaban 37(% 35) qofaadha. Kaneen keessaa lakkooftuu bishaanii kan qaban 8 (% 6) qofaadha
- Caalbaasii irraa eegalee ijaarsa gaggeeffamu keessatti rakkoon kirasassabummaa jiraachuu.

**Biiroo Daandiiwwaniifi Lojistikii ilaalchisee**

- Qorannoofi qophii dizaayiniin wal qabatee hanqinni bal'aan kan jiru ta'uu
- Dizaayinii bakka tokkoof qophaa'e koopii gochuun bakka biraatti hojiirra oolchuu
- Piroojektoota adda addaa hordofuu, to'achuufi tarkaanfii sirreeffamaa fudhachuufi akka fudhatamu taasisuu irratti hanqinni kan jiru ta'uu.
- Kafaltiin dursaa kafalamee waliigalteen adda cite deebi'uu dhabuu
- Caalbaasii ifaa malee pirojektii tokko kontiraaktara tokko irraa fuudhuun kontiraakatara biraaf dabarsuun jiraachuu. Fakkeenyaaf Giincii-Bakkeefi Asfaaltii M/ Bishooftuu) waliigala qarshii 687,305.63 ta'e.
- Piroojektoota bittaa caalbaasii ifaan ala, kabachiisa wabiifi wabii kaffaltii dursaa malee kennuun jiraachuu. Fakkeenyaaf Pirojektii Goojjoo-Cobiifi Yaanfa-Haxxee.

**Tarkaanfii sirreeffamaa hanqinoota sakatta'ainsa hojiirra oolmaa heeraafi seerotaa bara darbeen adda bahanii ilaalchisee**

- Bara 2016 keessa sadarkaa Naannootti hordoffii raawwii fi hojiirra oolmaa seerota manneen hojii mootummaa filataman 5 (Biiroo Fayyaa, Biiroo Carraa Hojii Uumuu, Biiroo Galiiwwanii, Ejensii geejjibaa fi Abbaan Taayitaa Misooma Albuudaa) irratti tasifamuun isaa ni yaadatama.
- Bara kana keessa sakatta'insa bara darbeen hanqinaaleen adda abahanii duubdeebiin barreeffamaan kennamerratti tarkaanfiin sirreeffamaa fudhatamuusaa mirkaneeffachuuf jecha koree dhaabuun hordoffiin taasifamee jira.
- Haaluma kanaan hordoffii hojiirra oolmaa seeraa bara darbeetiin bu'aawwan argaman;
- Biiroon carraa uumuu wixineewwan qajeelfamaa 15 qopheessee akka gulaalamuu gochuu
- Qajeelfamni waldaa IMX oomisha Albuudaarratti gurmaa'an bu'uuruma argannootiin akka qophaa'u ta'eera
- Bu'uruma duub-deebii kennameen hojii dhabdoonni umuriin isaanii 18-60 qofti IMX'n akka gurmaa'an godhamuu
- Qajeelfamoonni manneen hojii qaama raawwachiftuu naannichaa adda addaatiin bahan osoo hojiirra hin oolin seerota birootiin kan wal siman ta'uu isaanii Biiroo Abbaa Alangaa Waliigalaatiin akka hordofaman taasisuun danda'ameera
- Albuuda Karaa aadaan oomishamu ilalchisee Angoon iftoominaan hojiirra ooluu dhabe ifa ta'ee waldhibdeen qaama biraa waliin jiru furamuu
- Biiroon fayyaa qajeelfama haqameen hojjechuu dhaabeera

**Dabaluu baay'ina qo'annoofi qorannoo seerotaafi hojimaataa geggeeffame**

- Kurmaana kana keessa qorannoo seeraa 9 geggeessuuf ykn irratti hirmaachuuf kan karoorfamee yemmuu ta'u, hanga kurmaana kanaatti qorannoo 10 keessatti hirmaannaa waan qabnuuf %100 oliin raawwachuun danda'ameera.

**Dabaluu tajaajila gorsa seeraa manneen hojii mootummaatiif taasifame**

- Bara kana keessatti hanga gabaasni kun qindaa'utti ijoowwan yaada gorsa seeraa 1,200 ta'an qaama raawwachiiftuu mootummaatiif kennuuf karoorfamee ijoowwan seeraa adda addaa 2,975 gorsa seeraa kennuun danda'amee jira.

**Dabaluu baay'ina wixineewwan seeraa qophaa'anii**

- Wixineewwan seeraa 36 nuuf dhiyaatan keessaa wixineewwan seeraa 36 (100%) qorannoodhaan deeggaramanii haala qulqullina qabuun raawwatamanii jiru.
- Wixineewwan seeraa qophaa'an kunniinis; labsiiwwan **7,** dambiiwwan 14, qajeelfamoota 14fi maanuwaalii 1 kan of keessaa qabudha.

**Dabaluu baay'ina hiikaa afaan seerotaa raawwatame**

- Hanga bara kanaatti hiika afaan seerotaa 10 raawwachuuf karoorfannee 17 raawwannee jirra.

**Kabajamuu mirgoota namoomaa fooyyeessuu**

Kabajamuun mirga namoomaa bu'a qabeessummaa tajaajila abbaa alangummaa kallattiin kan agarsiisu waan ta'eef dhimma xiyyeeffannoo olaanaan kennamuufi qabudha. Bu'a kana milkeessuuf hojiileen karoorfamanis namoonni seeraan ala akka hin to'atamni hordooffii taasisuun furmaata seeraa kennuu, cheekliistii qopheessuun buufata poolisiifi maneen sirreessaa hordofuu, haala qabinsa mirga namoomaarratti sakatta'insa taasisuun gabaasa dhiheessuun hanqina jiru sirreessuuf tarkaanfii sirreeffamaa fudhachuu, mirga wabii ilaalchisee iyyannoo dhihaatuuf ulaagaa seeraan mana murtii amansiisuu, raawwii seektaraalee mootummaa gama mirga namoomaa hordofuu, raawwii tumsa gamtaafi Namonni godaansa seeraan alaaf akka hin saaxilamne xiyyeeffannoon hojjechuudha.

Haaluma kanaan:

- Abbootiin alangaa itti fufinsaa haala qabinsa mirga namoomaa buufataalee poolisiifi manneen amala sirreessaa daawwachuun furmaataaf hojjetaa turaniiru.
- Namoota waliiigalaaan shakkamanii to'ataman keessaa kan seeraan ala to'atamanii % 10tti xiqqeessuuf karoorfannee hordooffii itti fufiinsaan sadarkaa adda addaatti taasifamaa tureen namoota waliigalaan to'ataman 40,807 keessaa kan seeraan ala to'atamuun irra gahame 3,942 waan ta'eef raawwiin % 9.66dha.
- Manneen amala sirreessaa keessatti haalli qabinsa mirga namoomaa itti fufinsaan hordofamaa kan ture ta'ee dabalataan sadarkaa biirootti manneen amala sirrreessaafi buufataalee poolisii saamuda fudhachuun hordoffiin taasifamee duubdeebiin dhihaateera.
- Bara kana sirreeffamtoota seeraa Dhiira 3364 Dhalaa 247 walitti sirreeffamtoota seeraa 3611 ta'aniif mootummaa naannichaan dhiifamni akka godhamu taasifameera.

– **Si'ominni tajajila abbaa alangummaa dabaluu**

Ergamni tajajila Abbaa Alangaa mirga haqa argachuun kan walqabatu ta'uu isaan haqni harkifatee argame immoo akka dhorkameetti tilmaamama waan ta'eef milkaa'ina bu'aa waliigalaa tarsiimoon karoorfameef si'oominni tajaajila kennamuu dhimma murteessadha. Kanuma irraa ka'uun bara kanas biiroon Abbaa Alangaa si'omina tajajilaa kan duraarra fooyyessuuf hojjechaa kan jiru yommuu ta'u sadarkaan milka'ina bu'aa kanaa hanga ammaatti jirus kallattii agarsiiftuuwwan raawwiin bara kana karoorfamaniin yoo xinxalamu:

- Dandeettiin of harkaa qulqulleessuu galmee qormaataa karoorri % 94.6 raawwiin % 99.91 dha.
- Dandeettiin daangaa yeroo murtaa'e keessatti of harkaa xumuruu karoorri % 94 raawwiin % 98.64dha.
  - Dandeettiin of harkaa xumuruu dhimmoota hariiroo hawaasaa karoorri % 99.3 raawwiin % 100dha
  - Dhibbentaan galmeewwan achi ce'anii karoorri % 8 raawwiin % 6.69dha.
  - Dandeettiin murtii kennuu gumii karoorri gumiin waligalaa % 100 raawwiin % 100 kan gumii naannoo karoorri % 96 raawwiin % 88.37, Gumii godinaa karoorri % 95 raawwiin % 70.59dha
  - Galmeewwan RTDn murtii argatan % 22tti guddisuuf karoorfachuun kurmaana kana raawwiin % 31.14 ta'eera.

***Gabaasa raawwii hojii Biiroo Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaarraa kan fudhatame***

**Dhiibbaawwan bosonoota keenyarra jiru hir'isuuf qoraaniifi ijaarsaaf filannoowwan jiran faayidaarra haa oolchinu!**



# Hawaasummaa

*Galaanaa Kumarraa*

# Rakkoolee yeroo daa’imman xuuxxoo hoosisan mudachuu danda’aniifi of eeggannoo godhamuu qabu

Daa’imman xuuxxoo hoosisuun wal-qabatee rakkoolee hedduutu jiru. Isaan keessaa muraasni kanneen armaan gadiiti.



**Carraa infeekshiniif saaxilamuu guddaadha**:- Kun kan uumamu, xuuxxoon sirnaan yoo hin qulqulloofne guddina baakteeriyaaf haala mijataa uumuudhaan daa’imman infeekshiniif yeroo saaxiluudha .

**Humnaa ol nyaachisuu**:- Kunis, garmalee hodhuun daa’imman ulfaatina qaamaa hamma barbaadamuun ol dabalamuuf saaxiluu danda’a.

**Rakkoo bullaa’insa nyaataa:-** Daa’imman harma haadhaa qofa hodhan waliin wal-bira qabamee yeroo ilaalamu qilleensi mar’ummaan keessaa, gogiinsa garaafi garaa ciniinnaa baay’een isaan mudachuu danda’a. Kunis, garaagarummaa qabiyyee aannan harmaafi aannan xaasaa(Formula) irraa kan ka’e ta’uu ni danda’a.

**Rakkoo alarjiifi aannan sana dandamachuu dadhabuu dabaluu**:- Qorannoon tokko tokko akka agarsiisutti daa’imman xuuxxoon hodhan daa’imman harma hodhan waliin wal-bira qabamee yoo ilaalamu carraan alarjiifi aannan dandamachuu dadhabuusaanii guddaa ta’uu danda’a.

**Carraa furdina garmalee dabaluu:-** Xuuxxoon hoosisuun carraa furdina garmalee daa’immanii ol’aanaa ta’een walqabata. Kunis, sababoota akka garmalee nyaachisuu, garaagarummaa qabiyyee soorataafi hanqina wantoota ittisaa aannan harmaa keessatti argamanirraa kan ka’e ta’uu danda’a.


**Hariiroon haadhaafi daa’imaa hir’achuu**:- Xuuxxoon hoosisuun harma hoosisuu wajjin wal-bira qabamee yoo ilaalamu sadarkaa walitti hidhamiinsaa, miiraa kunuunsuu haadhaafi daa’ima gidduu jiru ni hir’isa.

**Carraa ilkaan daa’imaa caccabuu dabaluu**:- Daa’ima yeroo dheeraaf xuuxxoon hoosisuun, keessumaa dhangala’oo sukkaara qabu kan akka cuunfaalee adda addaa, daa’immanirratti carraa caccabiinsa ilkaanii dabaluu ni danda’a.

Rakkoowwan kun daa’imman xuuxxoo hodhan akka hin mudanneef, qulqullina xuuxxoo sirrii, tooftaa hoosisuu sirrii ta’eefi aannan xaasaa sirrii fayyadamuun salphachuu akka danda’an hubachuun barbaachisaadha. Kana malees, yeroo hunda gorsaafi qajeelfama dhuunfaa argachuuf ogeessa eegumsa fayyaa mariisisuun ni gorfama.

# Ulfa gadameessaan alaa(Ectopic Pregnancy)

Sanyiin kormaa(Sperm)fi hanqaaquun dhalaa ujummoo gadameessaa keessatti wal argachuun fartilaayizeeshinii geggeessu. Akka bu’aa fartilaayizeeshiniittis micireetu uumama. Micireen kun keessa gadameessaatti maxxanuun guddachuu itti fufa. Kun adeemsa sirrii jalqaba ulfaati. Kanarraan addatti, jechuun micireen uumame keessoo gadameessaan alatti kan maxxanu yoo ta’e garuu, ulfa gadameessaan alaa jedhamee beekama.




Ulfi gadameessaan alaa kun, gadameessaan alatti bakkeewwaan garagaraa kanneen akka; ujummoo gadameessaa, ovarii, garaa keessaafi fiixee gadameessaatti mul’achuu danda’a.

**Wantoota ulfa gadameessaan alaaf nama saaxilan**

- Miidhamuu yookan godaannisaa’uu ujummoo gadameessaa
- Infeekshinii gadameessaafi ujummoo gadameessaa
- Dhibeewwan walquunnamtii saalaan daddarban
- Ulfa gadameessaan alaa kanaan dura mudatee beeku
- Tamboo aarsuu
- Ulfa umurii 35’n booda uumamu
- Yaalii baqaqsanii yaaluu garaa gara gadiifi kkf dha.

**Mallattoolee ulfa gadameessaan alaa**

- Dhukkubbii garaa gara gadii
- Laguun dhaabachuu
- Dhiigni qaama saalaan yaa’uufi kkf

**Falasaa**

Ulfi gadameessaan alaa yeroo tokko tokko dho’uun rakkoo hamaa haga du’aa geessisuu ni danda’a. KanaaFUU:-

- Dubartiin tokko mallattoolee armaan olii kana of irratti arginaan ariitiin gara mana yaalaa deemtee ilaalamuufi yaala fayyaa argachuutu irra jiraata.
- Yeroodhaan qoratamuufi yaalamuun dhibee hamaa itti aanurraa nama oolcha.

# Oduu

## "Inisheetiivota misooma beeyladaa . . .

adda addaa taasifamus jijjiiramni abdachiisaan osoo hin argamin turuu himanii, kanaafis sanyiin beeyladaa naannichaa fooyya'aa ta'uu dhabuu, hanqina nyaataa, babal'ina dhibee, balaa hongee, rakkoo tajaajila eksiteenshiinii beeyladaafi sirnoota horsiisaafi gabaa beeyladaa boodatti hafoo akka sababoota ijootti kan ka'anidha jedhan.

Kanaaf, Mootummaan Naannoo Oromiyaa yeroo ammaa, misooma loonii, re'ee, hoolaa, lukkuufi kanneen biroorratti hojii bu'a qabeessa hojjechuurratti argama jedhan. Gama horsiisa looniin addatti toorawwan xiyyeeffannoo hudhaalee armaan olii bu'uurarraa furan afur adda baasuun mala namaan diqaalumsuu (Artificial Insemination -AI), Nyaata Beeyladaa Oomishuu, 'Fayyaa Beeyladaa Eeguufi walitti hidhamiinsa gabaa uumuurratti ariitifi bal'inaan sochiin taasifamaa jira jedhan.

Gama inisheetivii fooyya'insa sanyii beeyladaatiin faayidaa lakkoofsa loonii qabnu waliin walsimuu dhabuun sababni ijoon tokko sanyiin beeyladaa naannichatti jiru kan hin fooyyofne ta'uu hubachuun mootummaan bara 2014 irraa eegalee inisheetivii mala namaan diqaalomsuu kan labse yoota'u, yeroo ammaa aanaalee naannichaa 276 godinalee naannichaa hunda keessatti argamaniif tajaajilli "AI" kennamuurratti argama jedhan.

Raawwii tajaajila "AI"

Kenni tajaajila 'AI' kun waggoota 70 dura (1947 GG) kan eegalame ta'us, loon sanyii fooyya'oon akka biyyaatti jiran %3.24 kan hin caale kan turan, bara 2014 hanga bara 2017'tti hojii qabatamaa hojjetameen ammatti jabbilee sanyii fooyya'aoo miiliyoona 5.2 argachuun danda'ameera jedhan Pirezidaanti Shimallis. Bara 2017 qofa jabbilee sanyii fooyya'oo kuma 800 ol dhalachuus himan. Naannichatti waggoota afran darban keessatti namoota/maatii mil. 3.3 ta'aniif tajaajilicha dhiyeessuun akka danda'ames dubbataniiru.

Omishaafi oomishtummaa aannanii guddisuuf naannichatti xiyyeeffannaa kennameen oomisha annanii sa'a tokkorraa guyyaatti giddugaleessaan lit. 1.3 gadi argamaa kan ture, sanyii fooyyeessuun yeroo ammaa giddugaleessan gara liitira 12'tti ol guddisuun danda'ameera jedhan. Oomisha aannanii sa'a sanyii fooyya'oorraa waggaatti lit. mil. 535 qofti argamaa kan ture, hojii inisheetiviin hojjetameen, bara 2017' keessatti qofa, lit. bil. 1fi mil. 3 2 ol argachuu akka danda'ame himaniiru Pirezidaanti Shimallis.

Oomishtummaa misooma beeyladaa guddisuu keessatti hanqinoota turan furuuf Hoggansi jijjiiramaa nananichaa inisheetiivota misooma beeladaa bocaman ariitifi bal'inaaniifi itti fayyadama tekinoolojiifi mala bulchiinsaa sirreessuurratti kutannoon hojiitti galuun waggoota muraasa keessatti sanyii loon fooyya'aa naannichaa sadarkaa olaanatti fooyyessuuf dandeessisuun sochii taasifamaa jiruun jijjiiramni gaariin argameera jedhan.

Sirna dhiyeessii galteewwan misooma horsiisa beeyladaa(fayyaa,nyaata) fi walitti hidhamiinsaafi to'annoo gabaarratti jalqabame cimee ittifufa jedhan. Damee misooma beeladaa qusannaa, liqiifi invastimantii qonnaaniifi horsiisee bulaa akkasumas intarpiraayizootaatiin walitti hidhuun qulqullinaafi ariitii dabaluufi sona dabaluun ce'uumsa hawaas-dinagdee ittiin mirkaneessuuf ni hojjetama jedhan. Gahee damichi wabii nyaataa mirkaneessuu, carraa hojii umuu, oomishaalee al-galu bakka buusuufi al-ergee guddisuu, dhiyeessii induustirii qonnaa dabaluu keessatti qabu dhugoomsuufis xiyyeeffannaan ni hojjetama jedhan.

## Aanaa Botor Xoollaayitti pirojeektiin . . .

Mootummaa Naannoofi Godinaa akkasumas qaamoleen hawaasa garaa garaa argamaniiru.

Hogganaan Biiroo Misooma Jallisiifi Horsiisee Bulaa Oromiyaa Injiinar Girmaa Raggaasaan Pirojeektiin kun Pirojeektiiwwan Finnaa naannichatti ijaarsisaanii xumuraman 35 keessaa tokko ta'uu himaniiru.

Waajjira Paartii Badhaadhinaa Damee Oromiyaatti Ittigaafatamaan Damee Siyaasaa Obbo Namarraa Bulii biyyattiin sochii nyaataan ofdanda'uu milkeessuun cinatti ariitiifi qulqullinaan oomishuuf proojektoonni jallisii sadarkaa hundarra jiran deggeersa olaanaa kennuu jedhan.

## Ejensichi qabeenyawwan mootummaa . . .

Kompiitaraa, Piriintaraafi kanneen biroo gatiin tokkoosaanii qarshii hanga kuma 20 fi walitti qabamanii yeroo gurguraman ammoo kuma 250 ol yoo ta'anis sadarkaa ejensichaatti dhufanii caalbaasii gurgurtaa ifaadhaan dhabamsiifamu jedhan.

Akka Obbo Saamsoon jedhanitti ejensichi sadarkaa gadiitti caasaa waan hinqabneef ogeessotuma sadarkaa naannootti jiran bobbaasuun qabeenyawwan mootummaa iddoowwan adda addaatti kukkufuun tajaajilaa ala ta'aniifi qisaasa'an hawaasni komatu walitti sassaabuun caalbaasii ifaa baasuun gurguruu, faalama naannichaa xiqqeessuufi bu'aa dinagdummaa argamsiisuurratti xiyyeeffannoon hojjechaa jira.

Haaluma kanaan, ejensichi guyyaa dheengaddaa caalbaasii ifaa guddaa lakkoofsa 01/2018 ta'een konkolaatota adda addaa godinaaleefi magaalota naannichaa garaagaraatti tajaajilaan ala ta'an 106 Caalbaasii gurgurtaaf dhiyeessuu himaniiru.

Caalbaasiin geggeeffame kunis, karaa iftoomina qabuun kan geggeeffame ta'uu himaniiru.

Caalbaasii kana dorgomuuf namoota 208 Sanada kan bitatan yoo ta'u Kana keessaa ammoo namoota 99 ta'antu Sanada Saanduqatti galchuun dorgomaniiru jedhan.

## Sagantaa Ashaaraa . . .

Haaluma kanaan qonnaan bultoonni Godina Wallagga Bahaa Aanaa Guutoo Giddaa sanyii filatamaa Avookaadoo kilaastaraan misoomsuun gabaa biyya alaatti erguu eegaluu ibsanii kanarraas fayyadamoo ta'aa jiraachuu dubbataniiru.

Itti Gaafatamaan Waajjira Qonnaafi Lafaa Aanaa Guutoo Giddaa Obbo Alamaayyoo Mulaatuu, aanichatti bara darbe Avookaadoo toonii 6 gabaa biyya alaatti erguu yaadachiisanii, bara kanas toonii 10 gabaa biyya alaatti erguuf karoorfamee hojjatamaa jiraachuu dubbataniiru.

Itti Gaafatamaan Waajjira Qonnaa Godina Wallagga Bahaa Obbo Darajjee Nagaasaa, Godinichatti bara kana lafa hektaara kuma 100fi kuma 27 irratti biqiltuu Avookaadoo miliyoona 1fi kuma 200 dhaabuu ibsan.

Godina Wallagga Bahaatti bara kana oomisha Avookaadoo kuntaala 465 gabaa biyya alaatiif dhiyeessuuf karoorfamee hojjatamaa jiraachuu eeranii, hanga ammaattis kuntaalli 125 gabaa biyya alaaf dhiyaachuu ibsaniiru.

Godinichatti bara darbe oomishni Avookaadoo kuntaalli 82 gabaa biyya alaatiif dhiyaachuunis ibsameera.

Haaluma wal fakkaatuun Godina Shawaa Lixaattis Avookaadoo sanyii filatamaa oomishamaa jiru yeroo jalqabaatiif gabaa biyya alaatiif dhiyaachuu Waajjirri Qonnaa Godinichaa beeksiseera.

Itti Gaafatamaan Waajjira Qonnaa Godina Shawaa Lixaa Obbo Tarrafaa Araarsaa, Godinichatti sagantaa Ashaaraa Magariisaatiin biqiltuu bu'aa gar-lamee kennan kanneen akka Avookaadoo babal'isuuf xiyyeeffannoon hojjatamaa jira jedhan.

Bara 2013 irraa eegalee hanga ammaatti lafti hektaarri kuma 3fi 533 oomisha Avookaadoon uwwifamee jiraachuu ibsanii, oomisha Avookaadoo gabaa biyya alaatiif dhiyeessuuf baay'inaafi qulqullinaan hojjatamaa kan jiruufi yeroo ammaa Avookaadoon lafa hektaaraa 513 irratti misoome oomisha kennuun gabaaf dhiyeessaa jiraachuu dubbataniiru.

Qonnaan bultoonni Aanaa Baakkoo Tibbeefi Noonnoo Avookaadoo sanyii filatamaa waggoottan darban misoomsaa jiran oomisha kennuun gabaa biyya alaaf yeroo jalqabaatiif dhiyeessuu kan eegalan ta'uu ibsanii, walitti hidhamiinsi gabaa isaaniif uumames abdii nutty horeera jedhaniiru.

**Harka keessan saamunaafi bishaaniin yeroo yeroodhaan sirriitti dhiqadhaa!**

# Bohaartii

Bushraa Alii

# Icciitiin dubartoonni Jaappaan hedduun waggaa 100 ol akka jiraatan gargaare maali?



Mootummaan Jaappaan lammiileen isaa umriinsaanii waggaa 100 ol ta'e kuma 100 caaluu beeksiseera. Baay'inni lakkoofsa kanaatiis kan kanaan dura biyyattii keessatti hin beekamneefi akka riikardiitti kan galmaa'eedha.

Walitti aansuudhaan waggaa 55'f riikardii galmeessaa kan dhufan maanguddoonni Jaappaan waggaa dheeraa jiraatan kunneenis hanga dhuma Baatii Waxabajjiitti kuma 99fi 763 akka turan Ministirri Fayyaa biyyattii dhiheenya beeksiiseera.

Namoota umriinsaanii waggaa dheeraaf jiraatan kanneen keessaa harki 88 kan ta'an dubartootadha. Ministirri Fayyaa Jaappaan, Mr. Taakaamaaroo Fuukokaan, biyyattii keessatti dubartoota umrii dheeraa jiraatan kuma 87fi 784 fi dhiiroota kuma 11fi 979 niin baga gammaddan jedhaniiru. "Gumaacha guddina hawaasaatiif waggoota dheeraaf gumaachitaniif galatan isiniif galcha" jedhanii ture.

Jaappaan namoota umrii dheeraa jiraataniin kan beekamtu yoo ta'u, qorannoowwan tokko tokko kana morman illeen, biyya addunyaarratti namoota umrii dheeraa jiraatan qabdu kan dursaati. Kana qofaas osoo hin taane addunyaarratti, biyyoota namoota saffiisaan dullomaa jiran keessatti argaman keessaa tokkodha. Haata'u malee Jaappaan biyya sirna haala soorataa fayyaa qabeessa ta'e qabduufi kan hangi dhaloota ishee ammoo gadaanaa ta'edha.

Biyya kanatti dubartiin umrii dheeraa waggaa 114 jiraatan Shiigeekoo Kaagaawaa yoo ta'an, waggaa 111 jiraachuun dhiirri riikardii qabatan ammoo Kiiyootaakaa Miizuunoo jedhamu.

Lakkoofsi kun ifa kan taasifame ammoo Fulbaana 05, 2025 guyyaa maanguddoota Jaappaaniitti kabajame duradha.

Guyyaan kun guyyaa biyyaaleessaa yoo ta'u, maanguddoon biyyattii Ministira Muummee biyyattiin xalayaafi kennaa baga gammaddanii ni ergamaaf. Waggaa kanatti maanguddoonni kuma 52fi 310 kennaa kanaaf ulaagaa kan guutan yoo ta'u, kennichaaf filatamuusaanii ministeerri fayyaa biyyattii beeksiiseera.

Jaappaan baroota 1960moota keessa yoo biyyoota G7 waliin wal bira qabamtee ilaalamtu lammiileen umriinsaanii waggaa 100 olii lakkoofsaan gadaanaa turte. Haata'u malee waggoota itti aanan kudhanoota keessa lakkoofsi kun saffiisaan dabaluu eegale.

Mootummaan bara 1963'tti yeroo namoota umriin jaaran lakkaa'uu eegaluutti, kan dhiibba caalan 153 qofaa turan. Bara 1981'tti garuu lakkoofsi kun yoo 1000 caaluu, bara 1998tti ammoo 10,000 gahe.

Namoonni umrii dheeraa jiraatan baay'achuunsaanii kan agarsiisu, dhibeewwan baraman kan akka dhukkuba onneefi kaansarii keessattuu namoonni kaansarii harmaafi pirosteetiin du'an gadaanaa ta'usaati.

Maanguddoonni dubartoota Jaappaan foon diimaa gadaanaa soorachuuniifi qurxummiifi fuduraafi kuduraa baay'isuun akka ulfaatina qaamaa xiqqaa qabaataniifi fayyaa akka ta'aniif isaan gargaareera. Haalli ulfaatina qaama dabaluu dubartootarratti gadaanaa yoo ta'u, kunis maaliif dubartoonni biyyattii dhiiroota umriidhaan wal fakkaataan caalaa waggaa dheeraa jiraachuu akka danda'aniif ragaa gahaadha.

Addunyaa biraatti sukkaaraafi soogidda nyaata keessatti dabalamu dabalaa yoo dhufu, Jaappaaniitti garuu lammileenshee hangi soogidda fayyadamanii akka hir'isaniif barsiisuudhaan bu'aa argatteetti. Umrii dheeraa jiraachuuf garuu haalli soorataa qofti gahaa miti.

Lammiileen Jaappaan yoo umriin deemaa dhufan mana keessa taa'urra miilaan socho'uun maanguddoota biyyoota Awurooppaafi kan Ameerikaa caalaa geejiba uummataatiin fayyadamu.

Bara 1928 irraa kaasee gareedhaan ta'uun sochii qaamaa taasisuun kan barameedha. Kun ammoo fayyaa hawaasaatiif alatti hawaasni akka walitti dhufuuf gahee olaanaa qaba.

Sochiin qaamaa daqiiqaa sadii kan TV biyyattiin darbu yoo ta'u, biyyattii guutuu keessatti namoonni hedduun walitti qabamuuf sochii qaamaa kana taasisu. Haata'u malee addunyaarratti lakkoofsi namoota umriin jaaranii irratti qorannoowwan hedduun gaafii kaasu.

Rakkina odeeffannoo, haala qabiinsa sanadaa amansiisaa hin taane, akkasumas waraqaan ragaa dhalootaa baduun lakkoofsi ol ka'uudhaaf akka gumaacheetti kaafama.

Mootummaan Jaappaan bara 2010'tti yeroo galmee maatii sakatta'etti namoonni umriinsaanii 100 fi isaan olii ta'uunsaanii galmaa'an 23, 000 ta'an keessaa muraasni isaanii waggaa 10 dura kan du'an ta'uu adda baasuu danda'eera. Dogoggorri kun kan mudate dogoggora haala qabiinsa galmee akkasumas maatiiwwan tokko tokko firootasaanii du'an maallaqa sooramaa fudhachuuf jecha osoo hin beeksiifne turuu akka danda'an ibsameera.

Jaappaan sadarkaa biyyaaleessatti galmee maatiishee kan sakattaate erga maanguddoon umriin waggaa 111 Tookiyoo jiraataa turan du'anii waggaa 32 booda reeffi isaanii mana maatiisaanii keessatti olkaa'amee argameen boodadha.

**Milkaa'inni gama misooma dinagdeetiin galmaa'e bulchiinsa gaarii mirkaneessuutiinis ni dabalama!**

# Beeksisa Caal-baasii

## Boorana

**Caalbaasii Marsaa 1ffaa**

Godina Boorana Bahaatti kan argamu Manni Barnootaa Ifa Boruu Bultii Addaa Sadarkaa 2ffaa Nageellee Bara baajata 2018tti baajata idilee isaaf ramadamee irraa

1. Meeshaalee dhumaa barnootaa
2. Meeshaalee qulqullinaa,
3. Meeshaalee barreeffamaa
4. Meeshaalee dhaabbii eleektirooniksiifi
5. Meeshaalee Farnichaaraa/Furnitures
6. Meeshaalee Ispoortiifi huccuu ispoortii
7. Galtee Nyaata Barattoota Kuduraaleefi Muduraalee adda addaa
8. Galtee Nyaata Barattootaa Miidhaan Dheedhii kanneen akka xaafiifi gosoota midhan adda addaa
9. Bishaan Qulqulluu Botten dhiheessu
10. Galtee Nyaata Barattootaa Mi'eessituwwaan adda Addaa kannen akka barbaree, miximiixxaa,Zaayitii, dhaadhaafi shiiroo kanneen biroo
11. Galtee Nyaata Barattootaa Gosoota nyaataa omisha Warshaa kanneen akka ruuziii, makoroonii,paastaa, qinceefi kanneen kana fakkatan
12. Meeshaalee Dhaabbii Xixiqqaa
13. Meeshaalee Jijjirraa Konkoolaataa
14. Uffata Seeraa Hojjeettootaa
15. Uffata Dambii Barattoota /Uniformiifi Gawoonii Barsiisota
16. Nyaata beelladootaa,

**Caalbaasii ifaadhaan waldorgomsiisee bituu barbaada. Kanaafuu ulaagaa armaan gadii kan guuttaniifi kan dorgomuu barbaaddan haaluma armaan gaditti ibsameen dorgomuu dandeessu.**

**Ulagalee Dorgommiif Barbaachisan**

1. Daladalaan kallattii hojii daldalaa isaanitiin kan bara 2018 hayyama hareffame qabaniifi faacaatii dhiyeessitootaa /supply list/ kenna tajaajila biyya keessaaf ragaa dhiyeessuu kan danda'an; akkasumas lakkoofsa TIN kan qabuufi ragaa isaa dhiheeffachuu kan danda'u
2. Caalbaasii bara 2018 irratti hirmaachuu danda'uu isaanii kan ibsu ragaa sanada dorgommii waliin dhiyeessuu kan danda'an.
3. Dorgomtootni caalbaasii biyya keessaa gibira kaffaluu isaanii kan mirkaneessu ragaa Biiroo/Waajjira Galiiwwanii, ykn Abbaa Taayitaa Gumuruukaa ykn Galii Biyya keessaa Feedaraalaa irraa ragaa kan dhiyeessan ta'uu qabu.
4. Dorgomaan biyya keessaa dorgommicha irratti hirmaatu kamiyyuu kaffalaa taaksii dabalata qabeenyaaf /VAT/ galmaa'uu isaa kan mirkaneessu waraqaa ragaa dhiyeessu, bittaa mana hojichaaf dhiyeessan irraa VAT %7.5 citee saanduqa muutummaatti kan galchu ta'uu beekuu qaba.
5. Dorgomaan guyyaa beeksifni kun gaazexaa kaallach Oromiyaatiin qilleensarra oolee kaasee guyyoota hojii 15 keessatti sa'aatii hojii mootummaatti maallaqa hin deebine qarshii 500.00 (dhibba Shan) kanfaluun kutaa faayinaansii MBIBBA Nageellee irraa sanada bitachuufi saamsee deebisuu qaba.
6. Dorgomtoonni sanada caalbaasii isaanii orijinaalafi koppii adda addatti saamsanii guyya beeksiifni Kun gazeexaan qilleensarra oolee kaasanii hanga gaafa guyyaa hojii 15ffaa waaree dura sa'aa **6:00tti** saanduqa kanaaf qophaa'eefi kutaa faayinaansii MBIBBA Nageelleetti argamu keessa galchuu qabu. Caalbaasichi guyyuma kana sa'aa **6:30** cufamee guyyuma kana sa'aa **8:00** irratti bakka dorgomtaanni/bakka bu'oonni isaanifi taajjabdoonni argamanitti galma guddaa mana barnootichaa keessatti kan saaqamu ta'a.
7. Dorgoman gocha malamaltummaafi qisaasa irraa bilisa ta'u, seerota Federaalaafi Naannoo kan kabajuufi sanada yaada dorgommiifi sanada caalbaasii waliin unkaa jiru irratti wadaa seenuun mallatteessuu qaba.
8. Dorgomaan yoo mo'ate meeshaalee irratti dorgomee mo'atee sana hunda qulqullina isa eegee yeroo jedhameetti hojjetee dhiheessuuf gahuumsaafi feedhii kan qabu
9. Yeroon gatiin caalbaasii ragga'ee itti turu guyyaa 90f (Baatii sadiif) tahee dorgoman meeshaa dorgomee akka dhiheessuuf irratti darbe hunda hanga mana kuusaa ykn kutaa qabeenya MBIBBA Nageelleetti dhiheesuf feedhiifi gahumsa kan qabu.
10. Dorgoomtootni ragaa teekinikaafi faayinaansii orijinaaliifi kooppiin poostaa adda addaan saamsanii dhiheeffachuu qabu.
11. Dorgomaan kabachiisa caalbaasii tilmaama gatii waliigalaa 1.5% CPO baankii dhiyeessuu ykn IMX yoo ta'e bu'uura dambii carraa hojii uumuufi ogummaa lakkoofsa 226/2014 tiin xalayaa deeggarsaa waajjira dhimmi ilaalurraa sanadaan walqabsiisee dhiyeessuu qaba.
12. Afaan caalbaasiin ittiin geggeeffamu afaan hojii mootummaa naannoo oromiyaa ta'a.
13. Sanada caalbaasii haqaafi laaqa hin qabnee dhiheeffachuun dirqama.
14. Dorgomaan kamuu ragaa orijinaala yeroo barbaadametti dhiyeessuuf dirqama qaba.
15. Manni Barnootichaa filannoo fooyya'aa yoo argate caalbaasiicha gar-tokkeenis ta'ee guutumaan guututti haquuf mirgi isaa eegamaadha. **Odeeffannoo Dabalataa:Bilbila:0905274403/ 0916874018/ 0921050861/ 0922751078/ 0938303252 Godina Boorana Bahaa, Nageellee Boorana**

## Bunnoo Beddellee

**Waajjira Galiiwwan Bulchiinsa Magaalaa Beddellee UNKAA QKTQ.05 Beeksaisa Caalbaasii Ifaa Marsaa 3ffaa**

Kaffaallaan taaksii **Aadde Alem Shirmakkaa Kootee** kan jedhamuttu Idaa taaksii **qarshii 690,232.21**(kumma Dhibba Jahaa fi kumaa sagaltama dhibba lamaaf sodomii lamaa fi san 21/100 **)** kan irraa barbaadammu fi Baasii adda addaa osoo hin kaffaliin waan hafaniif Manna Murtii Aanaa Beddelleetti Himannaa lakka **Galmee 49000** ta'een kan itti murtaa'e irratti Caal-baasii marsaa **1ffaa Gaazeexa** Kallacha Orommiyaa Caamsaa 22 Bara 2016 bahee irratti mormiin ka'ee ture irratti manni Murtii Aanaa Beddellee Dhaddacha Gaafa Guyyaa 01/04/2017 ooleen **lakka galmee 49652** bu'uura Labsii lakk.**203/2009** keewwata **43n** aangoo keenameef ta'uu bu'uura murteessen qabeenya armaan gadiitti ibsamme caal-Baasiin gurguruun **%50(walaka isaa)** idaa Gibiraa irraa barbaadamuuf oolchuu baarbaada.

| TL | Gosa Qabeenya | Maqa Abbaa Qabenyaa | Bakka Qabeenyichi Itti Argammu | Ballinna Lafaa | Ballina Mana | Lakka Kaarta | Gatii Ka'umsaa | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | | | | | Qar | san |
